# QEEQA ASOOSAMA DHEERAA *IMIMMAAN HAADHAA* IJA YAADXINA SEENAWAAN

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA YUUNIVARSITII JIMMAA KOLLEEJII SAAYINSII HAWAASAAFI NAMUMMAA DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUUTIIF DHIYAATE**

**QORATTUUN: RAABIYAA SHARAFUU**

**AMAJJII 2017/24**

**JIMMAA, ITOOPHIYAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA YUUNIVARSITII JIMMAA KOLLEEJII SAAYINSII HAWAASAAFI NAMUMMAA DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUUTIIF DHIYAATE**

# Qeeqaa Soosama Dheeraa *Imimmaan Haadhaa Ija Yaadxina* Seenawaan


**QORATTUUN: Raabiyaa Sharafuu**

**GORSAA DURSAA: Taayyee Guddataa (PhD)**

**GORSAA AANTEE: Abdussalaam Abbaa Olii**


AMAJJII2017/24

JIMMAA, ITOOPHIYAA

**Dhaabbata Digirii Duraatiin Booddee**

Waraqaan qorannoo kun Raabiyaa Sharafuun:Qeeqa Asoosama Dheeraa *Imimmaan Haadhaa* Iija Yaadxina Seenawaan(MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu ittiin guutachuuf kan qophaa’ee ulagaa yuunivarsiitiin kaa’e guutee kan dhiyaateedha.

Qorattuu ________________________________ Mallattoo __________Guyyaa ______________

Gorsaa Duraa _____________________________Mallattoo__________ Guyyaa______________

Gosaa Aantee______________________________ Mallattoo __________ Guyyaa______________

**Koree Qormaataa**

Qoraa Keessoo: Iristee Akkawaaq (Ass. Pro) Mallattoo_____________Guyyaa________

Qoraa Alaa: Taaddasee Jaallataa (PHD) Mallattoo_____________Guyyaa____

**Ibsa**

Ani qorattuun maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta'uufi kanaan duras yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif kan hin dhiyaanne ta'uu isaafi wabiilee qorannoo kanaaf fayyadame haala seeraan fudhadhee wabii keessatti kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa: Raabiyaa Sharafuu

Mallattoo: ___________________

Guyyaa: ______________________

# Galata

Hunda dura qorannoo kana jalqabsiisee kan naxumuursise galanni Rabbi guddaaf haata'u jechaa, hojii qorannoo kana keessatti milkaa' ina hojii koof gorsaafi deeggarsa ogummaa naaf kennuun kan naqajeelchaafi kan najajjabeessaa turan gorsaa koo Dr. Taayyee Guddataaf galata guddaan qaba. Dabalataan gargaaraa gorsaa naaf ta'uun hojii Waraqaa qorannoo koo kana kan naqajeelchaafi nadeeggaraa kan turan Barsiisaa Abdulsalaam Abbaa olii galata guddaa nabiraa qabdu. Xumura irratti hiriyoota koo meeshaaleefi kitaabilee qorannoo kanaan wal qabatan gara garaa naaf ergisuun tumsa naaf godha osoon hin galateeffatin bira hin darbu.

# Axereeraa

*Qorannoon kun qeeqa asoosama dheeraa 'Imimmaan Haadhaa' Ija Yaadxina seenawaan jedhu irratti xiyyeeffata. Kaayyoon qorannoo kanaas asoosama filatame ija yaadxina seenawaan qeequdha. Milkaa'ina kaayyoo kanaafis mala qorannoo akkamtaatti gargaaramuun adeemsifame. Mala kana keessattis ibsa akkamtaa (qualitative descreptive) gargaaramuun sakkatta'a dookumentii gochuun qeeqameera. Akkasumas qorattuun asoosama filatame kana akka madda raga tokkoffaatti kan dhimma itti baate yoo ta'u, asoosamicha mala idaattoo miti carraa keessaa tooftaa iddatteessuu kaayyeffataatti gargaaramuun asoosama filatte kana keessaa xiyyeefannoo qorannoo ishee irratti hundaa'uun raga madda qorannoo isheef ta'u keessaa fudhachuun qeeqxeetti. Haaluma kanaan ciminnaafi hanqina qorannichaa adda basuun bu'aa qorannoo kanaa argamsiisuun cinatti yaadotni furmaataas ka'amaniiru. Asoosammicha keessatti dhimmootni dhiyaatan rakkoowwan haala jiruuf jireenya ummata Oromoo bara asoosamichi keessatti barreeffamee irra gahaa ture bifa qeeqa seenawaan maal akka ta'aa ture agarsiiseera. Hojiin asoosama tokko kallattiinis ta'e alkallattiin waa'ee jiruufi jireenya hawaasicha bu'uura godhatee barreeffamee ergaa yookiin dhaamsa garaagaraa qabatee dhihaata. Asoosama "Imimmaan Haadhaa "jedhu kana keessaattis dhimmoonni dhiyaatan rakkoowwan haala jiruufi jireenya uummata Oromoorra bara kitaabichi barreeffame keessa irra ga'aa ture bifa qeeqa seenawaan agarsiisuuf yaaleera. Bu'uuruma kanaan, haalli ijaarsa asoosamichaa hawaasa bara asoosamichi keessatti barreeffamee gara tokkummaan qabsa'uun gabrummaa ofirraa akka kaasaniif karaa agarsiiseera. Kana malees asoosamichi garaaharummaa yaada hawaasicha gidduu jiru warra farra qabsichaan uumame xiqqeessuun tokkummaa isaanii irratti akka xiyyeeffataniif asoosamichirrahubachuun danda'ameera.Dhuma irrattis qorannoon qeeqa seenawaa asoosamoota biroo irratti osoo bal 'inaan geggefameefi qorattooti biroos gosa qeeqa biroon asoosama kanarrati osoo gaggeessaffame bu'aan asoosamicharraa argamu gaarii ta'a.*

**BAFATAA**

Qabiyyee Fuula

Galata ........ iv
Axereeraa ........ v
BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........ 1
1.1 Seenduubee Qorannichaa ........ 1
1.2. Ka’umsa Qorannichaa ........ 5
1.3. Kaayyoo Qorannichaa ........ 7
1.3.1. Kaayyoo Gooroo ........ 7
1.3.2. Kaayyoo Gooree ........ 7
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa ........ 7
1.5. Daangaa Qorannichaa ........ 8
1.6. Hanqina Qorannichaa ........ 8
1.7. Qindoomina Qorannichaa ........ 8
BOQONNAA LAMA: SAKATTAA’A BARRUULEE AANTEE ........ 9
2.1. Yaadrimee Ogbarruu ........ 9
2.2. Gosoota Ogbarruu ........ 10
2.2.1. Ogbarruu Barreeffamaa ........ 10
2.3. Maalummaa Qeeqaa ........ 12
2.4. Barbaachisummaa Qeeqa Ogbarruu ........ 14
2.5. Yaadxina Qorannichaa ........ 14
2.5.1. Maalumaa Qeeqa Seenawaa Ogbarruu ........ 14
2.5.2. Gosoota Qeeqa Seenawaa ........ 17
2.5.3. Xiyyeeffannoo Qeeqa Seenawaa ........ 18
2.6. Sakatta’a Qorannoolee Walfakkii ........ 18
BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA ........ 20
3.1. Saxaxa Qorannoo ........ 20
3.2. Iddattoofi Mala Iddatteessuu ........ 20
3.4. Mala Funaansa Ragaa ........ 20
3.5. Tooftaa Qaaccessa Ragaalee ........ 21
BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE ........ 22

4.1. Odeeffannoo waligalaa waa'ee Asoosama *Imimmaan Haadhaa* ....................................... 22
4.2. Sabseenaa Asoosama Imimmaan Haadhaa ........................................................................ 22
4.3. Dhimmoota asoosama Imimmaan Haadhaa keessatti seenaa uummanni Oromoo kallattii garagaraan keessa ture.......................................................................................................... 25
4.3.1. Gama Falaasamaan ......................................................................................... 25
4.3.2. Gama Gootummaan......................................................................................... 27
4.3.3. Ummatichi Gama Aadaafi Duudhaatiin Maal Akka Fakkachaa Ture......................... 30
4.3.4. Seenaa Uummatichaa Gama Hawaasummaan ............................................................ 33
4.3.5. Rakkowwan Gama Siysaasaan Uumaticharra Gahaa Ture ......................................... 34
4.3.6. Gama Dinagdeen ............................................................................................. 39
4.4. Seenaan Asoosamicha Keessa Jiru Ummaticha Gara Inni Itti Qajeelchu.......................... 41
4.5. Dhimmoonni Seenaa Oromoon Walqabatan Asoosamicha Keessa Jiran Garagarummaa Yaadaa Uummaticha Gidduu Jiru Irratti Dhiibbaa Inni Uume ................................................ 44
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO.................................................. 50
5.1. Cuunfaa ................................................................................................................ 50
5.2. Cimina Asoosamichaa.......................................................**Error! Bookmark not defined.**
5.3. Hanqina Asoosamichaa.....................................................**Error! Bookmark not defined.**
5.4. Arganno................................................................................................................. 51
5.5. Yaboo .................................................................................................................... 54
Wabiilee ........................................................................................................................ 55
Qola kitaaba Asoosama Imimmaan Haadhaa .................................................................... 58

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Boqonnaan kun boqonnaawwan ittaananiif bu’uura kanneen ta’an: seenduubee, ka’umsa, kaayyoo, barbaachisummaa, daangaafi qindoomina qorannichaa qindeessee kan dhiyeessudha.Qorannoon kunis yaaxxinaalee ogbarruuwwan ittiin qeeqaman keessaa yaaxxina seenawaa fayyadamuun, asoosama dheeraa Afaan Oromoo *Imimmaan Haadhaa* jedhu yaadxina seenawaatiin qeeqameera.

## 1.1 Seenduubee Qorannichaa

Maalummaa ogbarruu ilaalchisee haayyota garaagaraatiin hiikni itti kennameera. Haa ta’uutii, hayyotni yeroo baay’ee ogbarruuf hiikni kennan walfakkaataa miti. Kunis, isaan gidduutti garaagarummaa yaadaa uumeera. Hundumtuu karaa karaa isaaniin ogbarruuf hiika kennuuf yaalu. (Asafaan, 2009, f. 41) yaada armaan olii kana deeggaruun akkas jedha,

> Ogbarruun hiika tokko kan hundi irratti walii galu hin qabu. Sababa rakkina kanaa keessaa tokko maddi (etymology) jechi ogbarruu (literature) jedhu jecha Latin, ‘litra’ jedhu irraa madduu isaati. ‘Litra’ jechuun letter of alphabet’ letter jedhu tahuu isaati. Haala kanaa, kan barraa’e qofatu ogbarruu jechuu ta’a. Akka waan maddi beekumsaa namoomaa (origin of human knewledge) Latin tahetti, Greek tahetti, akka Oromoon ‘karaan Waaqa duuba nama hin dabarsitu’jettu san. Kanaaf ogbarruunyookiin ogafaan hojii kalaqaati (a creative work of mind) kan barreeffamaan yookiin afaanumaan jiru kan jechisiisu uumama isaati.

Akkuma yaada olii irraa hubachuun dandaa’amutti, hiikni ogbarruuf karaa hayyotaan kennamu tokkoofi tokko kan hundi irratti walii gale miti. Kunis kan ta’eef ogbarruu waan hedduu of keessatti qabatee waan argamuufi. Garuu ogbarruun hojii kalaqa sammuu ta’uu isaatti wal hin morman. Hojiin kalaqaa kunis bifa barreeffamaafi afaaniin kan uumamuufi labata tokko irraa gara labata itti aanutti kan lufu ta’uu isaarratti walii galu. Seenaa guddina ogbarruu keessatti, beektotni akkuma dhimmamanitti (purpose) yeroo addaatti hiika adda addaa kenna turuu isaaniiti: ogbarruun jiruu- jireenya/finnaa hawaasichaa irraa waan madduuf, hojiin isaas sanuma ibsuu/qeequu taha.

Akkuma yaada kanarraa hubachuun danda'amutti, hayyotni yookiin beektotni ogbarruudhaaf hiika kennuuf yeroo adda addaatti fayidaa isaa gidduugaleessa godhachuun kennaa turaniiru. Dabalataanis, ogbarruun hawaasicha keessaa waraabamee deebi'ee hawaasicha kan ibsuufi tajaajilu ta'uu isaa hubanna. Gama biraatiin immoo, hojjiin ogbarruu kun ittiin ibsuufi qeequuf kan tajaajiludha. Fowler ogbarruu ilaalchisuun ibsa inni kenne

> Literature is the record of the attempt of writers to express and communicate their ideas about man-shops, dreams, ideals, feelings, thoughts, experiences, and their relationship to society. Literature deals with the life of man in moments of crisis and anguish, with his most intimate relationships, with his innermost thoughts and his deepest loves and hates, with his courage, honor, hope, pride, compassion, pity, and sacrifices (Fowler,1965, f.217).

Ogbarruun yaalii barreessaan tokko, abdii, yaada, dhageettii, muuxannoo fi walitti dhufeenya hawaasa gidduutti mul'atu ilaalchisuun waan bara jireenya isaa keessa taajjabe arga yaada mataa isaatiin kalaqee karaa ittiin dubbisaa biraan gahudha. Ogbarruun jiru fi jireenya hawaasa keessatti waan badaas ta'e waan gaarii baroota keessa mudatan bu'uura godhachuudhaan jibbaa fi jaalala ta'iinsa tokko tokko kan baasee mul'isu dha.

Ogbarruun naatoo/ miidhagina kan qabu yoo ta'u, kunis, ogbarruun kan miira namaa tuquu danda'uufi jechoota muraasaan yaada bal'aa ta'e dabarsuu kan danada'udha. Dabalataan ogbarruun naatoo qaba yoo jennu, ogbarruun dubbii haalawaa (figurative languages) tiin kan guutamedha. Akka walii galaatti Asafaan, (2009) ogbarruu bakka sadiitti qoodee kaa'eera. Isaanis: Ogbarruu barreeffamaa (written literature), Ogafaan (Oral literature) fi Aartii: Boca, Fakkii, Wallisa (Fine arts: sculpture, painting, music) dha.

Akka waliigalaatti ogbarruun jiruufi jireenya hawaasa tokkoo miidhagsee kan dhiyeessuufi akka daawwitiitti kan mul'isuudha. Waa'ee uummataa uummataaf deebisee haala qabatamaa fakkaatuun kan dhiyeessu, daawwitii jiruufi jireenya uummataati. Dabalataan ogbarruun kalaqa sammuu dhala namaa ta'ee, ogummaafi dandeettii ittiin aadaa, duudhaa, falaasama, haala jiruufi jireenyaa, akkasumas, miira keessoo ofii ittiin ibsataniidha. Ogbarruun ogummaa namni jechoota filatamootti fayyadamuudhaan waan addunyaa kanarratti ta'eefi ta'uu danda'u uumee lubbuu itti horuun barreeffamaanis ta'e afaaniin dhiyeessuudha.

Ogbarruun goorowwaan akka walaloo, diraamaafi asoosamaa kan ofkeessaa qabu yoo ta'u Asoosamni dameewwan ogbarruu barreeffamaa keessaa tokko ta'ee, tooftaa barreessaan dhugaa hawaasa keessatti ta'urratti hundaa'uun muuxannoo kalaqasammuu isaatiin barreessee dhiyeessuudha. Kana ilaalchisee.Smith (1997, f.4) yoo ibsu "…the word fiction refers to any narrative literature created from the author"s imagination rather than from fact. In the specific sense, the word fiction is commonly used to refer to the short story, the novella and novel," jedha.

Akka yaada kanaatti, asoosamni argaa yaadaa barreessaan kalaqamee kan dhiyaatu ta'ee, asoosama gabaabaa, giddugaleessaafi dheeraatti qoodamu isaa ibsa. Kana jechuunis barreessaatu uumee dhiyeessa malee, seenaa qabatamaan barbaannee dhugaadhaan lafarratti argachuu dandeenyuu miti jechuudha. Dabalaataanis Regie Routman (2005) waa'ee asoosamaa yemmuu ibsu, "Fiction is stories from an author's imagination usually with an emphasis on character development," jedha. Yaadni armaan olii kan inni ibsu asoosamni seenaa barreessaan yaaduun guddina namfakkii waliin ibsudha.Akka yaada kana irraa hubannutti, asoosamni walitti qabaa yaada dhugaa hawaasaa bifa barreeffamaan deebisanii hawaasaaf dhiyeessudha.Akkasumas Izevbaye (1981, f.27) asoosama yemmuu ibsu,

> Fiction is a particularly useful simulation because negotiating the social world effectively is extremely tricky, requiring us the weigh up myriad interacting instances of cause and effect. Just as computer simulations can help get to grips with complex problems such as flying plane or forecasting weather, so novels, stories, and dramas can help us understand the complexities of social life.

Akka yaada kanaatti, asoosamni barruu addunyaa hawaasummaa xaxamaa kana akkeessuun sababaafi bu'aa gochaa adda addaa kan hubachiisudha. Barreeffamoota kalaqoota kana ciminaafi hanqina isaa adda baasuuf qeeqni kan barbaachisu yoo ta'u qeeqni hojii ogbarruu tokkoo hiika itti kennuu, xiinxaluu, qaaccessuufi madaaluudha. Ogbarruun immoo yeroodhaan kan hindangeffamnefi fedhii hawaasa hundaa kan taheefi hojiilee kanneen akka walaloo, diraamaa, asoosama, kkf kan hammatudha (Iwuchukwu 2008) kanaaf barruwwan kalaqaa akkasii qeequun cimina isaa itti fufsiisuufi hanqina jiru immoo fooyyeessuuf qeeqni ogbarruu murtessaadha jedha.

Jechi qeeqa jedhuu jecha Giriikii (‘‘kritikos’’) jedhurraa kan maddee yoo ta’u hiikni isa madaaluu ykn murteessuu (judge and decide) jechuudha. Waa’ee bareedina dhugaa sona waan tokkoo cimiinaafi hanqina isaa madaaluudha.Qeeqni dandeetti dubbisuu keenyaa gabbiifachuun rakkinoota mul’ataniif furmaata kennuu danda’uudha. Qeeqni hojii ogbarruu tokkoo kan jalqabuu yeroo ogbarruun sun barreeffamee maxxansaaf gahuudha. Qeeqni ogbarruu ogbarruun sun akka inni hawaasa barreeffameef sana biratti fudhatamaa argatuu isa taasisa. Qeeqni asitti kan fudhatamu marsaa hubannoo ogbarruu hunda kan uwwisu yoo ta’ellee, xiyyeeffannoon isaa madaallii hojiiwwan ogbarruufi bakka barreessitoonni isaanii seenaa ogbarruu keessatti qaban irratti ta’a. Walumaa galatti qeeqni ogbarruu gooroo ogbarruu yaadame tokko qorachuu, xiinxaluufi madaaluudha. Qeeqni karaa garaa garaa kan adeemsifamu yoo ta’u sana keessaa qeeqni seenawaa isa tokkodha.

Qeeqa seenawaa jecuun qeeqa ogbarruu ragaa seenaatiin ykn haala hojiin tokko itti barreeffame irratti hundaa’uun, dhugaawwan waa’ee jireenya barreessaafi haala seenaa akkasumas, hawaasummaa yeroo sanaa dabalatee kan raawwatamu jechuudha. Qeeqni seenwaan qeeqa ol’aanaa jedhamuunis kan beekamu ta’ee, damee qeeqa ka’umsa barreeffamoota durii qorachuun addunyaa barreeffamicha duuba jiru hubachuuf jecha kan adeemsifamuudha.

Qeeqa seenawaa ilaalchisee hayyuun ‘Kelly Griffith (2002) wabeeffachuun yaada armaan gadii kaa’ee jira.

> observes that during the 19th century, the growing faith in science influenced both literature and the interpretation of literature, making historical criticism a popular critical approach. Historical criticism emphasises the social and cultural environment that surrounds a work of art. Historical criticism has several goals, including the study of a particular culture and the evolution of literary tradition. Historical criticism attempts to understand literary references in the context of the environment in which they were written since both language and cultures change over time (f.96)

Jaarraa 20ffaa keessa hayyummaan hubannoo naannoo hawaasummaa, siyaasaa, dinagdeefi tiyaatira Sheekspir caalaatti guddiseera. Maddoonni Sheekspir qorannoo haaraafi cimaa jala galan. Elmer Edgar Stoll, Art and Artifice in Shakespeare (1933) keessatti, karaalee taphoonni akka ijaarsa naannoo seenaa isaanii wajjin walitti dhiyeenyaan walqabatanitti ilaalamuu danda’an cimsee ibseera.Qeeqni seenawaan ogbarruu irra caalaa barbaachisummaa, hariiroo, dhiibbaa dhimmichi yeroo seenaan itti barreeffamee irratti xiyyeeffata.Akka yaaxxina kanaatti,

ergaa yookiin dhaamsa ogbarruu tokkoo hubachuuf seenaa beekuun murteessaa ta'uu ibsa.Akkasumas, Dhimmootni barreessaan yommuu ogbarruu kana qopheessu keessa ture ofduuba deebi'amee yoo ilaalameen ala waa'ee ogbarrichaa beekuun rakkisaa ta'uun xiyyeeffannoo yaaxxinichaati. Kanaafuu, ogbarruu tokko hawaasa ogbarrichi keessatti barraa'e irraa adda baasuun ilaaluun rakkisaa ta'a.Namni qeeqa seenawaa gaggeessu tokko akkaataa haalli yeroo sanaa barreeffamicharratti dhiibbaa geessise,teetewwan jireenya barreessitootaa keessatti raawwatamanfi akkamitti akka isarratti dhiibbaa geessisan ilaala.Qeeqni seenawaa akaakuuwwan qeeqa ogbarruu keessaa tokko ta'ee, wantoonni yeroo darbe keessatti raawwataman adeemsa isaan keessa darbaniifi hawaasa biratti haala isaan itti hojiirra oolan seecca'ee baasuun kan qeeqa ogummaa kennudha. Qorattunis kana bu'uura godhachuun asoosamni Imimmaan Haadhaa jedhu seenaa Oromoon keessa tureefi keessaa jiru akkamiin akka dhiyeesse ija yaaxxina seenawwaan akkamitti akka asoosamicha keessatti dhiyaate seenaa uummatichaa ibsuufi ibsuu dhabuu irratti xiyyeeffachuun kan qeeqxedha.

### 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Erga Afaan Oromoo Oromiyaa keesstti bara 1991 afaan barreeffamaafi afaan hojii ta'ee kaasee kitaabileen barnootaafi kanneen biroonis Afaan Oromootiin barreeffamaa turaniiru. Kitaabileen kunneenis kanneen akka asoosamaa, walaloo, kitaabilee dhimma barnootaan walqabataniifi kanneen biroon har'as hedduminaan barreeffamaa jiru. Kitaabilee barreeffaman kunneenis dhaamsa barbaadame akkaataa barbaadameen akka hubatamuufi dhama godhatee miyaa'u, filannoo jechootaa garagaraafi mimmiidhagaa ta'anitti dhimma ba'uun waan hinoolledha. Asoosamoonni barreeffaman kunniinis barreeffamoota garagaraa keessatti akkaatuma barbaachisummaa isaaniitti dhimma itti bahama.

Asoosamni sammuu barreessaatiin kalaqamuudhaan kan haala hawaasni tokko keessa ture akka seenaatti himu, haala amma keessa jiru kan calaqqisiisuu fi egeree hawaasichaa kan raagu gosa ogbarruuti. Innis qaama ogbarruu keessaa tokko kan ta'e, haala qabatamaa hawaasa keessa jiru kan ittiin baasanii mullisanii fi yeroodhaa gara yerootti haalli isaa fooyya'aa kan deemudha. Kanaafis qeeqaaf mijataadha. Hojiilee ogbarruu dhimma qeeqaa xiyyeeffatan keessaa asoosamni isa tokkoodha. Asoosamni gosa ogbarruu barreeffamaa ta'ee, bifa holoolootiin kan dhiyaatu hojii kalaqaati.

Haaluma kanaan qorattuunis asoosamoota Afaan Oromootiin barreeffaman keessaa tokko kan ta'e asoosama *Imimmaan Haadhaa* Toleeraa Fiqiruutiin barreeffame filattee jirti. Sababni

asoosamni kun filatameefis asoosamicha keessatti taateewwan seenawaa uummatichi bara sana keessa ture haalaan kan ibsuufi haalli jiruuf jireenya hawaasichaa eessa garamitti akka deeme gadfageenyaan waan ibsuufi. Kun yoo qoratame bira gahame uummatichi maal akka fakkachaa turefi maalirra akka jiru akkasumas garamitti deemuu akka qabu niqajeelcha jettee waan yaaddeefi. Gama biraatiin immoo qorannoowwan asoosamoota Afaan Oromoorraatti gaggeeffaman hamma qorattuun kun sakattateetti kitaabni assosamichaa seenaa uummata Oromoo bal'inaan kan ibsu ta'uufi gama seenawaatiin qorannoon kitaabicha irratti kan hingaggeeffamne ta'uun qorattuu qorannoo kanaaf kakaaseera. Qorattuunis kanuma bu'uura godhachuun qaawwa gama kanaan jiru duuchitee jirti. Qorannoowwan kanaan walitti dhihaatanis kan jiru yoo ta'u, isaanis akka armaan gaditti dhihaataniiru.

Dirribaachoo Bashaa, 2014 Qorannoo Qeeqa Seenawaa Asoosama dheeraa Shira jedhu irratti Yunivarsiitii Jimmaatti kan  gaggeesse yoo ta'u, qorannoon isaa gaaffilee qorannoo afur kan ofkeessaa qabu ta'ee, gaaffilee qorannoo afran isaaniif argannoo kaa'eera. Haaluma kanaan argannoowwan qorannoo isaa, sababoonni hawaasummaa ogbarruun sun akka dhalate taasisan qabsoo uummatni Oromoo bara 2012 gaggeesse ta'uun argannoo isaan bira gahamee jira, Haaluma kanaan wanti qorannoo koofi kan Dirribaachoo Bashaa wal fakkeessu qeeqa seenawaa irratti gaggeessuufi asoosama qeequu yoo ta'u, garaagarummaan keenya immoo, asoosamoota garaagaraa yoomessa garaagaraa keessatti barreeffamaniifi gaaffileen qorannoo keenya adda adda ta'uu isaati, Kanaaf qorattuun qaawwa gama kanaan jiru guutuuf kan qorannoo kana gaggeessitee jirti.

Qorannoo biraa qorattuun sakattaate, kan Indaalee Taarikuu, 2012, qeeqa seenawaa asoosama Arraa Gurbaa jedhu yunivarsiitii Wallaggaatti gaggeesse yoota'u, argannoo isaa keessatti ciminaafi hanqina asoosamni Arraa Gurbaa jedhu ija seenawaatiin maal akka fakkaatu ifatti kaa'eera. Haat'uutii, qorataan kun qorannoo isaa keessatti dhimmoota aadaa hawaasichaan wal qabatan hedduun asoosamicha keessa otoo jiranii kan inni kaase muraasa waan ta'eef qorattuun qaawa gama kanaan jiru guutuuf jechaa qorannoo asoosama *Imimmaan Haadhaa* jedhu irratti gaggeessiteetti. Haaluma kanaan, gaaffileen bu'uuraa armaan gadii qorannoo kanaan keesstti deebii argataaniiru.

1. Dhimmootni asoosama *Imimmaan Haadhaa* keessa jiran seenaa uummata Oromoo akkamiin calaqisiisu?

2. Dhimmootni seenaa Oromoon wal qabatan asoosamicha keessa jiran ummaticha garamitti qajeelcha?

3. Dhimmoonni seenaa Oromoon walqabatan asoosamicha keessa jiran garagarummaa yaadaa uummaticha gidduu jiru irratti dhiibbaa fiduu danda'aniiruu?

### 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

#### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa asoosama_*Imimmaan Haadhaa* ija yaadxina seenawaatiin qeequudha

## 1.3.2. Kaayyoo Gooree

Qorannoon kun kaayyolee gooree armaan gadii of keessattti kan hammatuudha

1, Dhimmootni asoosama *Imimmaan Haadhaa* keessa jiran seenaa uummata Oromoo akkamitti akka calaqisiisu qeequu

2, Dhimmootni seenaa Oromoon wal qabatan asoosamicha keessa jiran ummaticha garamitti akka qajeelchan ibsuu

3, Dhimmoonni seenaa oromoon walqabatan asoosamicha keessa jiran garagarummaa yaadaa uummaticha gidduu jiru irratti dhiibbaa fiduu danda'uu isaa ibsuu

### 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Gara fuula duraatti qorattoota mata duree kana fakkaatu irratti qorannoo gaggeessuu barbaadaniif daandii itti agarsiisuu akkasumas, asoosama kana keessatti dhimmoota otoo hinqeeqamiin bira darbaman akka qeeqaniif karaa saaqaaf kana malees, sadarkaa ogbarruun Oromoo yeroo ammaa irra ga'e qorachuun ciminaafi hanqina jiru addaan baasuun sadarkaa ogbarruu hawaasichaa akka cimu nigumaacha dabalataanis, seenaa dhugaa hawaasa Oromoo, gaddaafi gammachuu, rakkoo inni keessa darbeefi dabarsaa jiru, haala siyaasa isaa, abdiifi mul'ata inni qabu hawaasa adda addaaf beeksisuu, akkasumaas uummatichumti jabinaafi wal hubannaan fuulduratti akkadeemuuf gargaara.Walumaa galatti qorannoon gaggeeffame kunis guddina ogbarruu Oromootiif shoora olaanaa taphachuu danda'a jedhamee amanama.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Daangaan qorannoo adeemsifame kanaa Asoosama dheeraa Afaan Oromoo *ImimmaanHaadhaa* bara 2007 Toleeraa Fiqiruu tiinbarreeffame irratti qeeqa seenawaa gaggeessuu irratti kan xiyyeeffate ta'a. Qorattuunis qorannoo kana gaggeessuuf asoosama kana sababni isheen filatteef asoosamicha keessatti dhimmoonni seenaan wal qabatan hedduun waan argamaniif kaayyoo qorannichaa galmaan naaf gaha jettee waan itti amanteefidha.

### 1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoon tokko yammuu gaggeeffamu kaayyoo mataa isaa kan qabuufi rakkoo tokkoof furmaata fiduufi. Haa ta'u malee adeemsa keessa garuu rakkooleen garaagaraa nama muudachuu irraa kan ka'e qorannoo tokko hanqina mataa isaa qabaachuu danda'a. Haaluma kanaan qorattuu kanaas hanqinoonni garaagaraa kan muudatan yoo ta'u, isaan keessaas hanqinni kitaabilee wabii gahaa argachuu dhabuun hanqina yoo ta'u, kana furuufis, asoosama filatteefi tooraa marsaalee hawaasaa irraa yeroo fudhattee dubbisuun qorannoo kana galmaan gahuu dandeessitti.

### 1.7. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaalee gurguddoo shan jalatti kan qoodame yoo ta u, boqonnaa tokkoffaan seensa. Seensa jalatti: seenduubee, ka'umsa, kaayyoo, barbaachisummaafi daangaa qorannichaa kan haammatedha. Boqonnaan lama immoo, sakata'a barruu, ibsawwan yaadrimee mata durichaafi qorannoowwan walfakkii ofkeessatti qabata. Itti aansuun, qorannooleen mata-duree qorannoo kanaatiin walitti dhufeenya qaban duraa duubaan keessatti dhihaataniiru. Boqonnaa sadaffaan, mala qorannichaan walqabatee dhimmoonni jiran ka'aniiru. Isaanis, saxaxaqorannicha geggeessuuf filatame, gosa qorannichaa, iddattoofi tooftaa iddatteessuu, mala qorannichaa, madda raga, meeshaa funaansa ragaafi malli xiinxala raga walduraa duubaan dhihaataniiru. Boqonnaa afur jalatti immoo qaaccessa ragaatu dhihaate. Ragaan funanames asoosama filatame sakatta'uun kan dhihaatedha. Xumura irratti kan dhihaate boqonnaa shanaffaadha. Innis cuunfaa, ciminaaf hanqina asoosamichaa, argannoofi yaboo ofkeessatti hammachuun kan dhihaatedha

## BOQONNAA LAMA: SAKATTAA'A BARRUULEE AANTEE

Boqonnaa kana jalatti yaadrimee ogbarruu barbaachisummaa ogbarruu, gooroo ogbarruu keessaa tokko kan ta'e maluummaa asoosamaa kana malees qeeqi ogbarruufi qeeqi seenawwaa bal'inaan boqonnaa kana jalatti dhiyaateera. Dhumarrattis, yaaxxina qorannichaafi qorannoon wal fakkii asjalatti gabaabinaan dhiyaataniiru

### 2.1. Yaadrimee Ogbarruu

Jechi ogbarruu jedhu kun akkuma maqaa isaa irraa hubachuun danda'amutti ogummaa barreeffamaa jechuu dha. Kana jechuunis hojii kalaqa ilma namaa kan barreeffamatti dhimma bahuun haala jiruu fi jireenya dhala namaa mara calaqqisuu danda'ani dha jechuu dha. Isaanis; asoosama, barwalaloofi, diraamaa maqaa dhahuu dandeenya. Ogbarruun hojii kalaqa sammuu dhala namaa ta'ee kan namoonni adeemsa jireenya guyyuu isaanii keessatti waan isaanirra dhaqqabee fi haala itti jiran ittiin calaqqisiifatanidha. Hayyooonni hedduus jecha 'oguma' jedhu ogbarruu jedhanii waamu. Haaluma, kanaan (Fowler, 1965, f. 217) ogbarruu ilaalchisunn yaada armaangadii kaa'a

> Literature is the record of the attempt of writers to express and communicate their ideas about man'shopes dreams, ideals, feelings, thoughts, and experience, and his relationshipto society. Literature deals with the life of man in moments of crisis and anguish, with his most intimate relationships, with his innermost thoughts and his deepest loves and hates, with his courage, honor, hope, pride, compassion, pity, and sacrifice

Waraabbii armaan olii irraa akka hubatamutti Ogbarruun yaalii barreessaan tokko, abdii, yaada, dhageettii, muuxannoo fi walitti dhufeenya hawaasa gidduutti mul'atu ilaalchisuun waan bara jireenya isaa keessa taajjabe arga yaada mataa isaatiin kalaqee karaa ittiin dubbisaa biraan gahudha. Ogbarruun jiruu fi jireenya hawaasa keessatti waan badaas ta'e waan gaarii baroota jireenya isaa keessa mudatan bu'uura godhachuudhaan jibbaa fi jaalala ta'iinsa tokko tokko kan baasee mul'isuudh

## 2.2. Gosoota Ogbarruu

Gosoota ogbarruu ilaalchisee hayyoonni akka ibsanitti kanneen barreeffamaan jiran qofa osoo hin taane ogafaan illee akka dabalatudha. Fakkeenyaaf Dastaa (2013:8) waa'ee ogumaa yoo ibsu: "Ogumni (literature) barreeffamaafi ogafaan of jalaa qaba. Ogumni barreeffamaa (written literature) bakka gurguddaa sadiitti qoodama. Isaanis: asoosama, ogwalaloofi diraamaadha" jedha. Dabalataanis gosoota ogbarruu ilaalchisee Rabbirraan (2011) akka ibsetti Ogbarruun gosoota gurguddoo lama qaba. Isaanis ogbarruu afoolaafi ogbarruu barreeffamaati. Ogbarruu afoolaa kanneen jedhaman makmaaksa, sheekkoo, geerarsa, hibboo, eebbaafi abaarsa, cigoo, dubbii qoolaa, tapha ijoolleefi kkfdha. Akkasumas ogbarruun barreefamaa kalaqa ilma namaa barreeffamaan bifa miidhagina qabuun sammuu namaa hawwachuu akka danda'utti mi'eeffamee dhugaa hawaasa keessa jiru ifatti kan baasudha. Isaanis kanneen akka walaloo, asoosamaafi iskiriiptii do'ii fa'a. Yaada armaan olii irraa kan hubannu, hojiin kalaqaa bakka gurguddaa lamatti qoodamuu akka danda'udha. Isaanis ogafaaniifi ogbarruu ta'uu isaanii ibsa. Kana malees ogafaanis ta'ee ogbarruun damee adda addaa of jalaa kan qaban ta'uu argina. Kanaafuu ogbarruun damee hedduu of jalaa qabaachuu nu hubachiisa jechuu dha.

Gama biraatiinis Griffith (2011) yemmuu ibsu "The word literature has traditionally meant written as opposed to spoken works. But today given the broadened meaning of the word it includes oral as well as written works" Jedha.Yaada armaan olii kana irraa kan hubannu jechi oguma (literature) jedhu gama aadaatiin wanta barreeffamaa qofa irratti xiyyeeffatee fi faallaa ogafaanii akka ta'etti ilaalamaa turee. Garuu yeroo ammaa ogafaaniifi ogbarruu kan of jalatti qabatuu fi hiika baldhaa kan argate ta'uu isaati.

### 2.2.1. Ogbarruu Barreeffamaa

Ogbarruun barreeffamaa kalaqa sammuu ilma namaa barreeffamaan dhiyatuudha. Ogbarruun barreeffamaa bifa miidhagina qabuun sammuu namaa hawwachuu bifa danda'aniin mi'eeffamanii dhugaa adduunyaarraa maddaniin kalaqamu; garuu kallattumaandhugaa himuuf hin dirqaman. Dhugaa sana haqaaqanii, dabsanii, faallessanii ykn kallattiin himuu danda'u. Haata'uu malee gabaasaalee dhugaarraa adda. Sababiin isaas, barruuleen dhugaa wantoota dhugaan jiran gabaasuuf qophaa'an malee kalaqa sammuu mul'isuuf miti. Gosoonni og barruu barreeffamaa beekamoon saditu jiru. Isaanis: asoosama, walaloofi do'ii(diraamaa) jedhamuu danda'u. (Rabbirraa 2009)

#### 2.2.1.1. Maalummaa Asoosamaa

Asoosamni barreeffama beekumsa, aadaafi fedhii dhala namaa dhugaa haawaasa keessa jiru bu'uura godhachuun kalaqa sammuu itti dabaluun dhiyeessuudha. Yaada kana Berhanu (2009, f.29-30) "The word fiction comes from the latin word "fictio"which means some thing imagined and invented, and it is refers to any narrative literature created from the authors imagination rather than from fact" jechuun ibsa. Akkuma yaada armaan olii irraa hubannutti, asoosamni jecha Laatiinii fiction jedhurraa kan dhufe ta'ee waan qabatamaan jiru osoo hin taane kalaqa sammuu barreessaatiin waan kalaqme yookaan uumame ta'uu isaati. Asoosamaan wal qabsiisuun Abrams (1957, f.94) akka armaan gadiitti ibsee jira.

> In an inclusive sense, fiction is any literary narrative,whether in prose or verse, which is invented instead of being an account of events that in fact happened. In a narrower sense, however, fiction denotes only narratives that are written in prose (the noveland short story*)* and sometimes is used simply as a synonym for the novel. Literary prose narratives in which the fiction is to a prominent degree based on biographical, historical, or contemporary facts are often referred to by compound names such as "fictional biography*,"* the historicalnovel,and the nonfiction novel.

Akka yaada armaan olii irraa hubannutti, asoosama baldhisnee yoo ilaalle baruuwwan seeneffaman kanneen taatee dhugaa akkeessan kamiyyuu of keessatti hammata. Dhiphisnee yoo ilaalle immoo asoosamni barruu bifa seeneffamaatiin dhiyaatan qofa warra bifa hololootiin barraa'aniifi asoosama dheeraafi gabaabaatti qoodamanidha.

Asoosamni akaakuu hedduu qabaatullee gosoota asoosamaa beekamoo kan ta'an asoosama dheeraa fi asoosama gabaabaadha. Yaaduma kana Dastaan (2013) akkanatti ibsa. "Asoosamni gama isaatiin gooree akka asoosama xiillaa(novel), asoosama kurfaa (novella), asoosama gumaataa(novelette), asoosama ariitii(short story) fi asoosama habalakaa(flash fiction) jedhamee bakka gara garaatti hiramuu danda'a." jechuudhaan lafa kaa'ee jira.

##### 2.2.1.1.1. Asoosama Dheeraa

Asoosamni gooroo ogbarruu keessaa tokko ta'ee waa'ee namootaa namootaaf kan dhiyeessu barreeffama kalaqaa sammuu ilma namaati. Waa'ee asoosamaa ilaalchisuun Misgaanuu (2012, f.15) ''Asoosamni akaakuu ogbarruu barreessaan tokko gochaalee addunyaa dhugaa keessatti namoota hawaasa keessa jiraataniin raawwatan yookiin raawwatamuu

danda’aniin ka’umsa godhatee akka hubannoofi ilaalchasaatti dandeettii kalaquusaan qindeessuudha. Akkasumas hojii kalaqqii muuxannoo hawaasa keessa jiru hawaasichumaaf deebi’ee dhiyeessudha’’ jedha.

Akkuma yaada armaan oliirraa hubachuun danda’amutti, barreessaan asoosamaa tokko dhugaa jirurratti hundaa’ee suura jireenya dhala namaa addunyaa keessatti kaaseekan mul’isudha. Kana malees mudannoo fi mufannoo namni tokko haala jiruuf jireenya muuxatu mul’isuuf sammuu barreessaatiin kalaqamee waraqaarratti kaa’amuun hawaasichumaaf deebi’ee dhihaatudha.Dabalataannis, Asaffaan (2009, f.125) ‘’Asoosamni hojii barruu sammuu namaatiin uumamee dubbisaaf dhiyaatudha. Barreessaan asoosamaa tokko dhugaa jirurratti hundaa’e amala, sansaka, hubannoo fi kkf. namoonni hawaasa keessatti qaban sana qooddattootatti uffisee ergaasaa kan dubbistootaaf ittiin dabarsudha’’ jedha.

Waraabbii armaan oliirraa kan hubatamu asoosamni hojii kalaqaa sammuu barreessaatiin uumamee namfakkiitti gargaaramuun dhugaa hawaasa keessa jiru dubbistootaaf kan dhiyeessu ta’uu isaati. Haaluma kanaan asoosamni akaakuu ogbarruu barreessaan tokko gochaalee addunyaa dhugaa keessatti namoota hawaasa keessa jiraataniin raawwataman, raawwatamuu malaniin ka’umsa godhatee akka hubannoofi ilaalchasaatti dandeettii kalaquu isaatiin qindeessuun kan asoosaan yookiin asoostuun hawaasaaf dhiyeessu yookiin dhiyeessitudha. Haalli jireenya hawaasaa guutummaatti kan keessatti calaqqisu; hojii kalaqaa muuxannoo hawaasa keessa jiru hawaasichaaf deebi’ee kan dhiyeessuudha jechuudha. Karaa eenyummaa hawaasaa ittiin hawaasa sanaaf dhiyeessan jechuudha.

### 2.3. Maalummaa Qeeqaa

Jecha qeeqa jedhuuf yeroo baay’ee namootata baay’ee birtti hiikni walfakkaataa ta’e hin kennamne yookiin namootni irratti waliif hingalle. Sababni isaas namootni yeroo baay’ee jecha kana akka hanqinaatti waan ilaalaniifidha.Maalummaa qeeqaa ilaalchisee hayyoonni ogbarruu garaagaraa yaada garaagaraakennaniiru. Kanneen keessaa Mario (2010, f.100) akka armaan gadiitti ibsa:

> The term literary criticism can refer to the literary interpretation of texts as well as their evaluation. For that reason, Sliterary critique ‘‘is sometimes used to differentiate between the interpretation of a text and the evaluative criticism that often occurs in connection with literary awards and book reviews

Akka yaada armaan olitti qeeqaaf hiika yeroo kennu ogbarruuwwaan barreeffamanitti maadaluu akka ta'e ibsa. Kanaafuu qeeqa ogbarruu jechuu hojii ogbarruu tokko madaaluun hiika itti kennuu jechuudha dhufteen jecha qeeqa jedhus jecha Giriikii (''kritikos'') jedhurraa kan maddee yoo ta'u hiikni isa madaaluu yookiin murteessuu (Judge and decided) jechuudha. Waa'ee bareedina dhugaa sona waan tokkoo cimiinaafi hanqina isa madaaluudha. Qeeqni dandeetti dubbisuu keenyaa gabbiifachuun rakkinoota mul'ataniif furmaata kennu danda'uudha. Qeeqni hojii ogbarruu tokkoo kan jalqabuu yeroo ogbarruun sun barreeffamee maxxansaaf gahuudha. Qeeqni ogbarruu ogbarruun sun akka inni hawaasa barreeffameef sana biratti fudhatamaa argatuu isa taasisa,

Akkasumsa F. Jones (2000, f.1) qeeqa ogbarruuf hiika yoo laatu "Literature is kind of mirror that enable us to see ourselves better and to understand what we see. It helps us to think about ourselves and understand our own lives" Jedha. Ogbarruun daawwitii jireenya keenya ittiin of ilaalluufi kanneen biroos keessatti ilaalluudha. Hiikni kun kallattiin qeeqa ogbarruutiin kan wal argatu fakkaata. Qeeqni ogbarruutis muuxannoo jireenyaa kana madaaluufi cimina barreessaan ittiin dhiyeessu xiinxaluu waan ta'eef lamaan isaanituu yaadota walkeessa jiraniidha

Qeeqni asitti kan fudhatamu marsaa hubannoo ogbarruu hunda kan uwwisu yoo ta'ellee, xiyyeeffannoon madaallii hojiiwwan ogbarruu fi bakka barreessitoonni isaanii seenaa ogbarruu keessatti qaban irratti ta'a. Walumaa galatti qeeqni ogbarruu gooroo ogbarruu yaadame tokko qorachuu, xiinxaluu fi madaaluudha.

Qeeqaa ogbarruu jechuun hojii ogbarruu tokko gadi fageenyaan erga dubbisanii hubataniin booda hanqinaafi cimina inni qabu ilaalanii hiika itti laachuu jechuu dha. Ogbarruun kamiyyuus qeeqaaf kan saaxilamedha. Kunis kan madde amaluma ogbarruun uumamaan qabu irraayi. Adeemsa qeeqqaa keessatti jalqaba akkaataa waan sana itti qeeqan beekuun murteessaa dha. Kanaafuu yemmuu ogarruu tokko qeeqnu yaadxnaalee adda addaa bu'uura godhachuun ta'uu qaba. Yaadxina jechi jedhamu kunis akkuma maqaa isaa irraa tilmaamuun danda'amu yaada xiinxalame ykn bilchaate jechuu dha. Jechi biraa yaadxina bakka bu'uu danda'u jecha yaadiddama jedhu yemmuu ta'u hayyootni hedduun jechoota kanniin lamaan wal jala jijjiiranii itti gargaaramu. Bifuma kanaan yaadiddama jechuunis yaada hiddamaa yookin immoo isa Afaan Ingiliziitiin 'theory' jedhamu bakka bu'a. Waa'ee yaadxinaalee qeeqqaa ogbarruu ilaalchisees yaada hayyoonni kennan keessaa hayyuun Klages (2006) akka armaan gadiitti ibsa.

> These are the kinds of questions that literary theory helps us answer. We will still probably always be concerned with closer reading and asking of text what does this mean. But we will also concern with how does this mean, what does it produce and what effect does that have on us and on our world?

Akka waraabbii olii kana irraa hubachuun danda’amutti, barruu tokko yemmuu gadi fageenyaan dubbisnu waa’ee wanta dubbisnuu irratti gaaffileen akka: kana jechuun maal jechuudha? Akkamitti akkas ta’a? Bu’aa fi miidhaa maalii qaba? rakkoon inni addunyaatti fidu maali? fi kanneen biroo ka’uu danda’u. Yeroo kun ta’us ogbarruu sana qorachaa fi madaalaas jirra jechuudha.

### 2.4. Barbaachisummaa Qeeqa Ogbarruu

Kaayyoon qeeqa ogbarruu, barruun ogbarruu tokko dubbistoota akka gammachiisu taassisuun dubbistooti barruu sana akka dinqisiifataniif jajjabeessuun, barruu ogbarruu filatame sana gadifageenyaan xiinxaluun wanta dubbisaan barruu sana keessatti akka salphaatti laalee bira darbe sirriitti akka hubatamu taassisanii agarsiisuudha. Yaada kana Ellis (1974, f. 54) yammuu ibsu, “The purpose of criticism to render the text more enjoyable to the reader to encourage and excite his appreciation of the text, to explicate it, and to point out to him what he might other lucid have missed,”jedha. Kaayyoo kana bu’uura godhatee jaarraa hedduu dura qeeqni ogbarruu qorannoo ogbarruu keessatti bu’aa guddaa buusuu kan jalqabe. Qeeqni ogbarruu irratti godhamaa tureefi godhamaa jiru kunis qajeeltoowwan qeeqa ogbarruu tokkoof barbaachisanirratti hundaa’ee raawwataa waan tureefi raawwachaa waan jiruuf.

### 2.5. Yaadxina Qorannichaa

Qorannoon tokko yaadxina ittiin ilaalamu ni qabaata. Kanaafuu qorannoon kunis yaaxxinaalee ogbarruuwwan ittiin qeeqaman keessaa yaadxina seenawaa fayyadamuun, asoosama dheeraa Afaan Oromoo *Imimmaan Hadhaa* jedhu qeeqameera.

#### 2.5.1. Maalumaa Qeeqa Seenawaa Ogbarruu

Qeeqa seenawaa jechuun qeeqa ogbarruu ragaa seenaatiin ykn haala hojiin tokko itti barreeffame irratti hundaa’uun, dhugaawwan waa’ee jireenya barreessaa fi haala seenaa fi hawaasummaa yeroo sanaa dabalatee kan raawwatamu jechuudha. Yaaduma kana (Soulen, 2001) ibsu.

> Historical criticism examines the origins of the earliest text to appreciate the underlying circumstances upon which the text came to be (Soulen and Soulen, 2001). It has two goals. First, to discover the original meaning of the text in its primitive or historical context and its literal sense or sensus literalis historicus. Second, to establish a reconstruction of the historical situation of the author and recipients of the text.

Akka yaada armaan oliitti qeeqni seenaa haala bu'uuraa barreeffamichi irraa dhufe dinqisiifachuuf ka'umsa barreeffama isa jalqabaa kan qoratu ta'uufi, xiyyeefaannoon qeeqa seenawaa ogbaruu waan lama qabachuu ibsa. Inni jalqabaa hiika jalqabaa barreeffamichaa yookaan haalii seenichi keessatti barreeffame yoo ta'u inni *lammaffaan* immoo, haala seenaa barreessaa waliin kan walqabatu ta'uu eera.Qeeqa seenaa-seenaan qeeqa ol'aanaa jedhamuunis kan beekamu ta'ee, damee qeeqa ka'umsa barreeffamoota durii qorachuun addunyaa barreeffamicha duuba jiru hubachuuf jecha kan adeemsifamuudha.

Jaarraa 20ffaa keessa hayyummaan hubannoo naannoo hawaasummaa, siyaasaa, dinagdeefi tiyaatira Sheekspir caalaatti guddiseera. Maddoonni Sheekspir qorannoo haaraafi cimaa jala galan. Elmer Edgar Stoll, Art and Artifice in Shakespeare (1933) keessatti, karaalee taphoonni akka ijaarsa naannoo seenaa isaanii wajjin walitti dhiyeenyaan walqabatanitti ilaalamuu danda'an cimsee ibseera. Qeeqni seenawaan ogbarruu irra caalaa barbaachisummaa, hariiroo, dhiibbaa dhimmichi yeroo seenaan itti barreeffamee irratti xiyyeeffata. Namni qeeqa seenawaa gaggeessu tokko akkaataa haalli yeroo sanaa barreeffamicharratti dhiibbaa geessise, teetewwan jireenya barreessitootaa keessatti raawwatamanfi akkamitti akka isarratti dhiibbaa geessisan giddu galeeffata.
Bart D. and Michael W. (2012) waa'ee qeeqa seenawwaa "historical criticism as a method for analyzing literary texts, including novels. It explores the principles, techniques, and challenges of applying historical criticism to understand the historical context and meaning of literary works" Akka waraabbii armaan oliitti qeeqni seenawaa akka mala barreeffamoota ogbarruu, asoosama dabalatee xiinxaluuf gargaarutti ilaalcha waliigalaa waa'ee ogbarruu irratti xiyyeeffeechuu ibsa. Akkasumas Haala seenaafi hiika hojiiwwan ogbarruu hubachuuf seerota bu'uuraa, tooftaa fi ta'iwwan yeroo darbe qeequufi hojiirra oolchuu fa'a irratti xiyyeeffachuu ibsa.

Kanaafuu qeeqni ogbarruu seenawaa ogbarruun tokko akkaataa itti oomishame, ibsamee fi hojiirra oole kan xiinxalu dha. Akkasumas taateen barruu tokko keessaa yoom, eessaa fi akkaataa

itti raawwate kan muldhisudha. Dabalataanis qeeqni seenawaa ogbarruun guddina ogbarruu keessattillee shooraa olaanaa kan qabu ta'uu isaati. Yaada kanaan wal qabatu Burke (1998) yoo ibsu "historical criticism as an approach to studying literature. It discusses the principles of historical criticism, its historical development as a discipline, and its application to analyzing novels and other literary works" akka yaada armaan olitti qeeqni seenawaa akka mala ogbarruu qorachuutti ilaalcha waliigalaa qoratuutti ilaala. xiyyeeffannoon isaas, guddina seenaa ogbaruu akka damee barnootaa tokkoottifi hojiirra oolmaa isaa asoosamootafi hojiiwwan ogbarruu biroo xiinxaluu irratti xiyyeeffata jedha.

Kanaafuu, qeeqa barruu seenawaa gaggeessuuf seenaa beekuun barbaachisaa ta'uu isaati. Kana malees qeeqni seenawaa hojii ogbarruu tokko duudhaa hawaasaa keessa barbaaduudha. Dabalataanis yemmuu qeeqa seenawaa taasisnu dhimmoota ogbarrichaan ala jiran hubachuun xiinxaluu gaafata. Qeeqa seenawaa jechuun qeeqa ogbarruu ragaa seenaatiin yookiin haala hojiin tokko itti barreeffame irratti hundaa'uun, dhugaawwan waa'ee jireenya barreessaafi haala seenaafi hawaasummaa yeroo sanaa dabalatee kan raawwatamu jechuudha. Qeeqa seenaa-seenaan qeeqa ol'aanaa jedhamuunis kan beekamu ta'ee, damee qeeqa ka'umsa barreeffamoota durii qorachuun addunyaa barreeffamicha duuba jiru hubachuuf jecha kan adeemsifamuudha.
Jaarraa 20ffaa keessa hayyummaan hubannoo naannoo hawaasummaa, siyaasaa, dinagdeefi tiyaatira Sheekspir caalaatti guddiseera.

Xiyyeeffannoon qeeqa ogbarruu seenawaa inni guddaan ogbarruun hawaasa keessaa alatti baafamee hin xiinxalamu yookin hin ilaalamu kan jedhu yoo ta'u, qeeqni seenawaa yemmuu taasifamu qabxiileen xiyyeeffannoo keessa galuu qaban barreessaan eenyu? Kaayyoon barruu isaa maali? Ogbarrichi haala qabatamaa hawaasaa nimorma moo nideeggara? dhimmoonni hawaasaa akkamitti akka dhiyaataniifi kanneen kana fakkaatanidha. Kana ilaalchisee Belsey(2004) yeroo ibsu"historical criticism and its application to the analysis of literary texts. It discusses the relationship between history and literature, the role of the author and reader, and the significance of historical context in interpreting novels and fiction" qeeqni seenawaa walitti dhufeenya seenaafi ogbarruu gidduu jiru, gahee barreessaafi dubbisaa, akkasumas barbaachisummaa haala seenaa asoosamafi asoosama hiikuu keessatti qabu irratti xiyyeeffata.

Kunis hojiin qeeqni seenawaa hojii ogbarruu tokko: duudhaa hawaasa ogbarrichi keessatti barreeffame, gochaawwan adda addaa yeroo sanatti raawwatame wajjin dhimmoota biroon wal

qabsiisuun ilaaluu akka barbaachisu nutti agarsiisa.Yaadni kunis, ogummaa afoolaan jirus ta'e kan barreeffamaan jiru tokko yaaxxina kanaan qeequuf, dhimmoota ogbarrichaan ala jiran sirriitti xiinxaluun hubachuu gaafata jechuudha.Akkasumas, akka xiinxala Markisitti, dalagaaleen dhala namaan dalagamaniifi meeshaaleen oomishaman xiyyeeffannoon isaanii garee hawaas-dinagdee, hawaasa keessaas ta'e hawaasa keessatti, haala sochii walii galaa dhala namaa karaa qooddiifi addummaa humna dinagdee hidhata kan godhatu ta'uu ibsa.

### 2.5.2. Gosoota Qeeqa Seenawaa

Gosoonni qeeqa seenawaa bakka gurguddaa lamatti qoodauun ilaalamuu danda'u kunis tokko tokkoon armaan gaditti kan ilaalamu ta'a.

#### 2.5.2.1 Qeeqa  Seenaa Haaraa

Qeeqni haaraa barruu sana akka madda odeeffannootti fayyadamuun haala jireenya hawaasummaa dhugaan mul'atu kan yeroo dubbisaa fi kan yeroo hojichi itti hojjetameen wal cina qabuun jijjiiramaafi wal fakkeenya jiru xiinxaluudha. Xiyyeeffannoon qeeqa haaraa haalli siyaasaa, dinagdeefi hawasummaa yeroo kitaabichi itti barreeffame jireenya har'aa yookiin yeroo dubbisaan jiraataa jiru keessatti hammam akka mul'atu, jijjiiramni maalii akka jiru, garaagarummaan har'aafi kaleessaa gidduu jiru maal akka ta'e xiinxaluudha.

Tyson (2006) yoo ibsitu, barreeffaamoonni ogbarruu, muuxannoo hawaasa yeroofi bakka tokko ture kan bakka bu'u ta'uu akkasitti ibsiti:

> For new historical literary critics, then, the literary text, through its representation of human experience at a given time and place, is an interpretation of history. As such, the literary text maps the discourses circulating at the time it was written and is itself one of those discourses. That is, the literary text shaped and was shaped by the discourses circulating in the culture in which it was produced. Likewise, our interpretations of literature shape and are shaped by the culture in which we live (f.295).

#### 2.5.2.2. Qeeqa Seenawaa Durii

Qeeqni seenawaa durii hojiin ogbarruu tokko miira yeroo barreeffame sanaan dubbifamuufi hiikamuu qaba jedha. Sababni isaa, hojiin ogbarruu bu'aa yeroofi bakka itti kalaqame sanaafi haala dhugaa jireenya hawaasa keessatti kalaqqame sanaa kan ibsu akksumas sanarra kan ijaaramedha. Kun immoo, duubatti deebi'anii seenaa yeroo darbee ilaaluu gaafata. Seenduubee

hawaasa durii sana hubachuun ammoo, beekumsa, hubannoo, haala jiruufi jireenya hawaasichaa gama hundaan calaqqisiisaa ture dhaloota haaraaf dabarsa.

## 2.6. Xiyyeeffannoo Qeeqa Seenawaa

Eenyummaa barreessaa, kaayyoo barreeffama isaa, haala qabatamaa hawaasichi keessa jiru mormuufi deeggaruu ogbarrichaa, haalli qabatamaa hawaasaa ogbarrichi keessatti barreeffamee, akkaataa dhimmootni hawaasaa itti dhiyaataniifi ibsaman,taateen siyaasaafi falaasamni yeroo sanaa hojii ogbarruu kana irraan dhiibbaa geesisuufi dhiisuu isaa, bocamni namfakkiilee haala qabatamaa hawaasa keessa jiran bakka bu'uufi dhiisuu. Yaada kana kan deeggaru, Thomas (2007, f. 160) qeeqni seenawaa galumsa barreessaafi hidhata inni dhugaa qabatamaa hawaasaa asoosamichi barraa'eef geggeeffamu, barruun qeeqamu haala bira qabuun raawwatamuu qaba jedha. Akka yaada kanatti kalaqni barreessaa dhugaa hawaasa keessa jiruun wal bira qabamee kan qeeqamuufi haala jiruuf jireenya hawaasichaan wal bira qabuun kan hiikni kennamu ta'uutu hubatama.

## 2.7. Sakatta'a Qorannoolee Walfakkii

Hojii qorannoo gaggeessuu keessatti sakatta'i qorannoowwan aantee barbaachisaadha. Haaluma kanaan qorannoowwan garaagaraa barattoota yunivarsiitiiwwan garaagaraa keessatti barachuun eebba isaaniif qorannoo gaggeessan hedduutu jiru. Haata'u malee qorattuun qorannoowwan aantee qorannoo ishee walfakkaatan sakatta'uuf yaaltus qorannoowwan isheen argattee sakattaateefi dubbiste quubsaafi gahaa miti. Ta'us kanneen sakattaatee argatte immoo akka armaan gadiitti dhiyeessiteetti.

Qorannoo qorattuun sakattaatee argatte kan Zamanuu Caalaatiin 2013 xiinxala asoosama Suuraa Abdii Ija yaadxina seenawaatiin jedhu yoo ta'u, qorataan qorannoo isaa keessatti asoosama Suuraa Abdii ija yaadxina seenawaatiin xiinxaluun argannoo mataa isaa kaa'eera. Argannoo isaa keessattis asoosama Suuraa Abdii keessatti aadaa, duudhaafi safuun uummata Oromoo akkamittiin akka calaqqisiifame ibseera. Asoosamicha keessatti acuuccaan alagaadhaan saba Oromoo irratti raawwatame maal fa'i? kan jedhu tarreessuun ibseera.Asoosama Suuraa Abdiikeessatti taateewwan gameessummaa saba Oromoo muldhisan jiraachuu isaanii mirkaneesseera. Sirni bulchiinsa bara sanaafi haalli simannaa uummaataa kan walffaallessu akka ture kaa'eera. Haalli siyaasaa, hawaasummaafi diinagdee Oromoo yeroo sanaa asoosamicha

keessatti hammaataa waan ta’eef Oromoon gaaddisa tokko jalatti tokkummaan gurmaa’ee diina isaa ofirraa faccisaa akka ture argannoo isaa keessatti kaa’uuf yaaleera.

Dabalataan qorannoo qorattuun sakattaatee argatte keessaa inni lammaffaa, kan Mokonniiin (2006) “Qaaccessa Asoosama “Suuraa Abdii” fi “Miila hinshokoksine”: Ija Yaaxxina Dhugummaatiin” gaggeessedha. Kaayyoon qorannoo isaas, asoosama Suuraa Abdiifi Miila hin Shokoksine jedhu yaaxxina dhugummaatiin maal akka fakkaatu xiinxaluun seenaan asoosamicha keessatti dhiyaate dhugummaa qabachuuf qabacachuu dhabuu isaa xiinxaleera. Wal fakkeenyi qorannoowwan kanneenii qorannoo qorattuun sakattaate waliin, seenaan asoosamicha keessa jiruu qabatamaan hawaasa keesaa jiraachuu isaa qeequu waan ta’eef, qorannoon lammanuu gama seenaa hawasichaa irratti xiyyeeffachuun kan isaan wal fakkeessu yoo ta’u, garaagarummaan isaanii immoo matadureee adda addaa, yoomessa addaa addaa, akkasumas asoosama adda addarratti ta’uun adda isaan taasisa.

Walumaa galatti qorannoon kun qorannoowwaan armaan olitti sakatta’aman waliin garaagarummaa inni qabu, tokkoffaa, mata dureen asoosamaa adda adda ta’uu, lammaaffaa yoomessi asoosamni qorannoo irratti adeemsifamee gargar ta’uufi inni sadaffaafi inni dhumaa immoo akkaataan gaaffilee qorannoo adda ta’uun isaa kan gargar isaan taasisudha.

# BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA

Qorannoo tokko yemmuu gaggeessuuf deemnu mala qorannoo itti dhimma baanu filachuun baay'ee barbaachisaadha. Kanaafuu qorannoo kana keessattis malli qorannoo qorattuun itti gargaaramte mala qorannoo akkamtaati. Sababni isaas ragaaleen walitti qabamaniifi dhiyaachuu danda'an marti bifa lakkoofsaatiin osoo hin taane jechaan kan addeeffameefi, hiiknifi ibsi jechaan waan itti kennameefidha.

### 3.1. Saxaxa Qorannoo

Qorannoon kun gosoota qorannoo jiran keessaa qorannoo akkamtaa ta'ee saxaxa ibsaan kan qeeqamedha. Haaluma kanaan qorattuunis, qeeqa asoosama dheeraa *Imimmaan Haadhaa* jedhu irratti Ija Yaadxina seenawaan qeeqa geggeessitee jirti. Kaayyoo qorannichaa milkeessuufis ragaaleen barbaachisoo ta'an asoosama *Imimmaan Haadhaa* keessaa walitti qabamuun saxaxa ibsaan kan qeeqni irratti gaggeeffamedha.

### 3.2. Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Qorattuun qorannoo qeeqa asoosamaa *Imimmaan Haadhaa* kanaaf odeeffannoo argachuuf mala miticarraatti dhimma baate. Mala miti carraa keessaa immoo, mala iddatteessuu kaayyeffataa hojiirra oolchiteetti.Qorattuunis kaayyoo qorannoo ishee irratti hundaa'uun maddoota qorannoo isheef barbaachisan tooftaa iddetteessuu kaayyeffataatiin asoosamicha keessaa fudhachuun qeeqxee jirti. Bu'uuruma kanaan qorattuunis mala iddatteesuu kaayyeffataan asoosamafilattee keessaa odeeffannoo isheef barbaachisu walitti qabdee qeeqxeetti.

### 3.3. Madda Ragaa Qorannichaa

Qorannoo kanaaf ragaa kan ta'u madda raga tokkoffaadha. Innis asoosama, *Imimmaan Haadhaadhaati*. Qorattuunis ragaalee barbaaddu asoosamaa kana keessaa walitti qabatte madda ragaa jalqabaa taasifachuudhaan dhimma itti baateetti.

### 3.4. Mala Funaansa Ragaa

Qorannoon kun qeeqa asoosamaa waan ta'eef, mala qorattuun itti gargaaramtee odeeffannoo fudhatte sakatta'a dookumentiiti. Asoosamootni *Imimmaan Haadhaa* madda odeeffannoo qorannoo kanaati. Haaluma kanaan qorattuun haala itti dhimmoota gaaffilee qorannoo ishee waliin wal simaniifi qabxiilee qorannichaaf gargaaran funaannachuudhaaf sakatta'a dookumentii taasifteetti. Bu'uuruma kanaan asoosama filatame kana keessaa qorattuun asoosamicha gadifageenyaan dubbisuun ragaalee qorannichaaf barbaachisan walitti qabatteetti.

### 3.5. Tooftaa Qaaccessa Ragaalee

Odeeffannoo qorannoo kanaa keessatti argamu qeequuf qorattuun tooftaa addeessuutti gargaaramte.Odeeffannoo mala akkamtaan walitti qabatte kanas, qeequuf asoosamicha erga gadi fageenyaan dubbistee booda, hubannoo argatteefi yaada haayyotaa wal simsiisuun qeeqa itti laachuu dandeessetti. Kanaafuu qorannoo kana keessatti odeeffannoowwan sakatta'a dookumantiin funanaman addeessuun qeeqxee jirti.

# BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE

Boqonnaa kana jalatti odeeffannoowwan gaaffilee bu'uuraa qorannichaafi kaayyoo qorannichaarratti hundaa'uun asoosama dheeraa Afaan Oromoo *Immimmaan Haadhaa* keessaa walitti qabamantu gadi fageenyaan qeeqama. Odeeffannoowwan kunneen yammuu hiikamanis kanneen yaadni isaanii walfakkaatu mata duree tokko jalatti qindaa'uudhaan tokko tokkoon kan qeeqamedha. Kana jechuunis odeeffannoowwan walfakkaatoon mata duree walfakkaataa jalatti dhiyaatanii qeeqaman jechuudha.

## 4.1. Odeeffannoo waligalaa waa'ee Asoosama *Imimmaan Haadhaa*

Kitaabni qorannoon kun irratti adeemsifame asoosama dheeraa *Imimmaan Haadhaa* kan Toleeraa Fiqiruu Gamtaan barreeffamee bara 2014 maxxanfame yammuu ta’u, fuula 264 kan qabuudha. Asoosamichi haala dubbistoota harkisuu danda’uun qoqqoodamee kutaa 6tti hiramuun kan dhiyaatedha. Haala kanaan dhiyaachuun isaa dubbistootni nuffii tokko malee boqonnaa fudhachaa kutaa irratti dhaabanii turanirraa itti deebi’anii dubbisuuf mijataa waan ta’eef haaluma salphaa ta’een dubbisanii xumuruuf kan mijatudha. Waa’ee kitaaba kanaa fuuldura qola kitaabichaarraa kaanee yemmuu ilaallu suura haadhaa imimmaam lakkuun ija keessaa gadi roobutu argama.

Suuraan qola kitaabicharratti argamuufi maqaan asoosamichaa haalaan kan wal simudha. Haali asoosaan Toleeraa Fiqiruu asoosama isaa *Imimmaan Haadhaa* itti seenessuu taateewwan addunyaa kana keessa jiran dhugummaa seenaa sanaa mul’isuuf namfakkiiwwan garaagaraa kan argaa yaada namootaa yookiin dubbistoota tokko tokko mul’achuu danda’anitti dhimma bahuun hojiiwwaniifi miidhaawwan garaagaraa hawaasa keessatti calaqisan kan mul’isan ta’uu isaati. Haaluma kanaan asoosamni kun qooddattoota jiruufi jireenya hawaasa Oromoo ibsuu danda’utti dhimma ba’uun bifa, amala, naamusafi gochaa itti uumee akkataa miira namaa gammachiisuufi gaddisiisuu danda’utti kan qindeesseedha.

## 4.2. Sabseenaa Asoosama Imimmaan Haadhaa

Asoosama kana keessatti namfakkiin muummeen Dhugaasaa Caaliifi Bilisee Gammachuuti. Naannoo lixa Oromiyaa magaalaa xiqqoo najjootti dhalatanii guddaatan Dhugaasaan qamaan nama gurraacha gabaabaafi nama ejjennoo qabudha.

Dhugaasaan baratаа cimaafi kaayyoo isaatti cichoomina qabu yommuu ta'u, erga ijoolummaan mana barumsaa eegalee kaasee hangaa yuunivarsiitii gahutti wanti sammuu isaatti icciitii ta'e nijira. Dhugaasaan barnoota isaan digirii tokkooffaa yuunivarsiitii finfinneetti akkuma xumureen dhaabbata tokko keessatti ramadamee hojjechuu eegale. Hanga barnoota isaa xumurutti harmeen isaa icciita imimmaan ishee halkaniif guyyaa hinqoorree gad yaa'u ilma ishee dhugaasaaf hamma inni barnoota isaa xumurutti iccitaa kana dhoksitee turtteetti. Dhugaasaan imimmaan haadhaa isaa hinqoorree yeroo argu boqonnaa argachuu hin dandeenye. Gama biraan abbaan isaa yeroo lubbuun isaa darbuuf jedhu ergaa tokko Dhugaasaaf himee du'eera. kunis dhugaasaa taa'uuf ka'uu isa dhorkateera. Jechi abbaan isaa ''*Imimmaan Haadhaa* kee qoorsuuf barbaachan jalqabe itti fufi" kan jedhu sammuu isaa keessaa nanna'uun boqonnaa isa dhorkate. Kanas harmee isaa gaafachuuf yeroon waan geesse fakkaata.

Harmeen isaa addee Iftuun mucaan ishee barnoota isaa waan xumureef icciitii imimmaan ishee hin qoorree itti himuuf qophoofteetti. Dhugaasaan hara'a icciitii bara meeqaaf sammuu isaa dhiphisan baruuf Finfinnee irraa gara harmee isaa deemera. Lafti bari'e dhihuun hojii uumaa waan ta'eef aduun amma dhiitee dhugaasaan hamma haati isaa itti himtutti sardameera. Addee Iftuunis yeroon waan gaheef ilmashee bira dhuftee teessee garamitti akka itti himtuufi eessaa kaatee eessatti akka xumurtu wallaalte yaadaan baddeetti. Dhugaasaan afaan hadha isaarra yoom eegalti kan jedhu eegaa jira. Dhugasaakoo jette eegalte yaadaan duuba deebitee icciitii bara abbaan manaa ishee obbo caaliin rakkoo du'aaf isa saaxile irra ga'eefi ijoollee ishee itti dhabde yaadachaa dur bakki jireenya keenya asi hinturre mana Sibuu ganda qoteebulaa qorichee jedhamu turre.

Qabeenya hedduufi lafa bal'aa qabna turre. Maal godha garuu sirni yerosii humnaan qabeenya keenya tokko osoo nuuf hin hambisin qabeenya keenya saamanii abba akee reebanii du'aaf jireenya giddutti hambisuun hidha keessa wagga hedduuf erga achitti dararanii booda abbaa kee mana hidhaati yeroo baasan nutis bara sana baqannee bakka kanatti dhufne abbaan kee erga yeroo Sana darara hedduun irra gahe siree irraa osoo hin ka'in, anis yaalii barbaachisu hunda godhus hambisuu hin dandeenye. Dhugaasaan fajajee wanta ta'e taa'ee haadha isaarraa dhaggeeffataa jira. Itti fuftees harmeen Dhugaasaa obbolaankees bara qabeenyi keenya samamee teenyee hin ilaallu jedhanii warra qabeenya keenya saaman kaan isaanii ajjeesanii hamma qabeenya keenya samameefi mirga keenya sarbame deebifannutti manatti hindeebinu jedhanii

Gaaddisaafi Abdiin yeroos bahanii hin deebine anis har’a bor naaf galuu jedhee eegeen dadhabe jette itti himte. Icciitii kana abbaa keetu hamma ati barnoota kee xumurtutti akkan sitti hin himneef waadaa naseensisee du’e jetti imimmaaniin hudhamte callisaan guutamte yeroo muraasa booda iccitii imimmaan haadha isaa amma hubatera. Imimmaan haadha isaa qoorsuuf kutate waadaa abbaan isaa imimmaan haadha kee qoorsuuf barbaachan jalqabe itti fufi kan jedhu sana hubatee, amma waan hunda erga hubatee booda waada abba isaa galmaan gahuuf daandii eegale. Amma hiryoota waliin ta'uun dhaabbataa "Oromia Rescue intellectual" jedhamu hundeessuun haayyota hedduu hirmaachisuun sochii gaarirra jira. Ta'us kan bitaacha itti ta'e waa'ee Biliseeti waadaa laga mi'essootti waliif halkan yadachuun boqonnaa dhabeera maatiin ishee nama biraatti dabarsanii heerumsiisuuf guyyaan cidhaa dhihaachuu yeroo dhaga'u irra caalaa boqonnaa dhabe. Biliiseen lefti dhihee akkuma bari'a deemuun yaaddoon isheetti jabaataa deeme. Guyyaan cidhaa gahuu gaafa bartu sammuu isheetti kan dhufe baduu akka qabdudha.

Akkuma kana murteessiteen halkan cidha ishee gahuuf jedhu Biliiseen osoo dhukkuubbiin abbaashee garaa ishee nyaatuu baddeetti. Dhugaasaatti barbaachi lama itti ta'eera. Innis kana yeroo dhagahuu miira ofkomachuun guutameen Bilisee kana jala baraaruu dadhabuu isaatti ofitti aaraa barbaacha ishee eegalus hin milkoofne. Kun hundi sammuu isaa keessa deddeebi'uun gaaffii itti uumanii osoo cinqamuu sa'atiin inni biiroo itti bahuu qabu waan baay'ee darbeef ariitiin konkolaataa isaa oofee gara manaatti yoo qajeelu wanti hin yaadne isa mudate. Innis konkolaataan duubaa deemanii Kan isa hordofaa turan balaa isarraan yoo geessisan ta'us lubbuun isaa waan hafeef hospitala seensinii yaali godhuufi egaalaniiru yeroon ramaddi yuunivarsiitii waan ga'eef Biliiseenis Yuunivarsiiti Finfinnee ishee qaqqabuutti yoo gammaddus Dhugaasaa barbaadee waan hin arganneef gammachuun ishee guutuu miti.

Barattoota yuunivarsiitii Finfinnee baratan keessaa akka tasaa barattoota Afaan Oromoo hasa'an biiroo dhugaasa akka geessaniif kadhatte yeroo achi geessus wanti dhaga'uuf ulfaataa ta'e ishee mudate innis Dhugaasaan hospitaala seenuu gaafa dhageessu naasuun kuftee, isheenis karaa hin eegaminiin hospitala Dhugaasaan ciise seentee wal'anamte yeroo fooyyoftu harmee ishee abbaa ishee yaalchisuuf achi jiruufi yeroo muraasa booda immoo harmee Dhugaasaa achitti agartee wanti ta'aa jiru yeroo xiqqoof galuufi baatus Dhugaasaan hospitalicha keessa jirachuu isaa hubatteetti yaalii dheeraa booda Dhugaasaan qaamaan hir'atus fooyya'ee hospitaalaa harmee isaafi Bilisee waliin baheera. Mul'anni isaa dhaabbanni innit hiryoonni isaa hundeessaan bakka

yaada isaa gahuu yeroo argu gammachuudhaan guutame Biliseetti galagalee hawwiin isaa kana akka ta'e ibseefi gammachuu harmee isaas yeroo argu imimmaan haadhaasaa qoorsuu isaa sirriitti hubate.

## 4.3. Dhimmoota asoosama *Imimmaan Haadhaa* keessatti seenaa uummanni Oromoo kallattii garagaraan keessa ture

### 4.3.1. Gama Falaasamaan

Haalli falaasamaa akkaataa bulchiinsaa yookiin siyaasaa uummatichi kalaqatee ittiin wal gaggeessaa turee bifa qeeqaan kan dhiheessudha. Kunis akkaataa uummatichi ittiin wal bulchaa ture fa'a kan ofkeessatti qabatedha. Falasaama uummatichaa isaa guddaa kan ta'e sirna Gadaa sabichi falaasamaa akkamii qabchuusaafi yeroo sirna kanaan wal bulchaa ture jireenya qananii jiraachaa turuu isaati.Waa'ee sina gadaa ilaalchisee, Warqinaan(2008 f6) irratti Sabni oromoo seenaa bara dheeraa keessa darbe keessatti sirna gadaatiin ala karaa bilisa ta'een walii galanii mootummaa mataa isaanii dhaabbatanii yeroo isaan itti jiraatan tokkoyyuu hin jiru. Kanaafuu sirna gadaa keenya haakunuunsinu' jedhe. Asoosama *Imimmaan Haadhaa* jedhu keessattis waa'ee falaasamaa akkamittiin akka ibsame armaan gaditti dhiyaateera.

> Baroota hedduuf akka aadaa Oromtichaatti sirna Buttaa bakka kanatti kabajneerra. Kanaaf dacheen kun bara Gadaan bulaa turretti iddoo ayyaanaati. (Toleeraa, 2014, f.31)

Hafeen armaan olii falasaama kan agarsiisu yommuu ta'u, uummatichi sirna bulchiinsa mataa isaa qabaachuufi sirna Gadaan bulaa turuu isaa kan agarsiisudha. Akkasumas yeroo Gadaan bulaa turetti akkaataa inni yeroo aangoo waliif dabarsuu karaa jaalalaafi nageenyaan ta'uu ibsuufi uummatichi falaasamaa mataa isaa qabaachuu isaa ittiin agarsiisuufi. Akkasumas, Sirni bulchiinsa gadaa nagaa kan lallabuufi qananii uummatichaaf kan dhimmudha. Muhammad (2004) "Sirna Gadaa madda (burqaa) seera Oromoon gaafa dur qananiifi gammachuun ittiin of-ijaaraa ture" jedha. Hafee asoosama armaan olitti fudhatame keessattis kan mul'ate akkaataa jireenyaa uummatichaa yeroo sirna Gadaan buleefi gadadoo bara kitabichi keessa barreffame waliin wal bira qabee kan dhiheessedha. Uummatichi yerositti waan godhu fedha isaatiin bulchiinsa isaatti amanee kan gochuu qabu ofiin kan raawwatu malee dhiibbaa qaama biraa irraa irratti ta'u akka hintaane nama hubachiisa. Gama seenaan uummatichi qananii isaa kaleessaa dhabee Gadaa dhiisee dirqamee gadadoo keessa jirachuu kan ittiin hubachiisedha. Kunis qabatamaan bara asoosamichi keessati barreeffameen wal bira qabamee yoo ilaalamu seena hawaasichi keessa ture ibsuu danda'eera.

> Abbaan bokkuu dhufee bakka kana erga buufatee booda, isa biratti godoon ijraaramee hundumtuu isa keessatti gala. Kormi Buttaa, dagaagaa jedhamu niqalama. Kormi kun amoolee dhibba tokkoon bitama. Gatin isaa kana hin hi'ratu. Amooleen inni ittin bitamu kan cabaa, foxxoqaa fi boccoqaa hin qabne ta'uu qaba. Yoo boccoqaa qabaate boccoqaatu biyya fixa, Gadaan bakka hin ga'u jedhamee amanama (Toleeraa, 2014, f.31)

Hafeen armaan olii sirnoota yeroo aangoo waliif dabarsan kan agarsiisudha. Innis jiloota achirratti ta'an kan agarsiisuufi uummatichi fedha isaan yeroo sana nama Gadaaf nita'a nama nabulcha jedhee amanee fedhii isaan bakka jila kanaatti ba'ee kabajaan waliin nyaachaa karaa nagaan gammachuudhaan kan waliif dabarsu ta'uu isaa ibsuufi. Waraabbiin olitti fudhatame kunis uummatichi sirna ittiin wal bulchaa ture bara ogbarruchi keessatti barreeffame waliin walbira qabamee yoo ilaalamu dhugaa jiru mul'isuu kan danda'eefi sabichi sirna sana dhabuurraa kan ka'ee miidhaa adda addaaf saaxilamuutu mul'ata. Kunis yaaxina kanaan yeroo ilaalama seena uummatichi keessa ture ibsuu danda'eera.

> Kormi kun erga qalamee booda hundumtuu ofii isaatiin foon isaa kukutata. Kunis, uummatichi aangoo abbaa Gadaa mirkaneessuuf fedhii isaatiin, utuu namni hin dirqamsiisin, srina Buttaa irratti argamuu isaa ibsuuf. (Toleeraa, 2014, f.32)

Warabbiin armaan oliis akkaata sirana bulchiinsa har'aa kan maqaan isaa sirna uummataan filatame fakkaatu garuu dhugaa hawaasicha keessa jiruun gargar ta'uusaatu hubatama. Uummatichi yeroo sanatti filannoo isaa akkamitti qabatamaan bulchiinsicharratti amanamummaa qabu agrasisufi falasamni uummaticha obarruchi dhugaa sabichi karaa bulchiinsaafi falasaaman qabu sirriitti muldhisuu danda'eera. Sirna bulchiinsa bara asoosamichi keessatti barreeffame uummatichi akka hubatuufi kan bulchiinsa Gadaa waliin wal bira qabamee yeroo ilaalamu fedha mataa isaatiin akkamitti bakka bu'aa isaa akka filatuufi bara asoosamichi keessatti barreeffame filannoon sabichi fedha isaan osoo hintaane harakaan qabameefi afaan qawween kan isaan jedhan malee sabichi kan dinagdee koo, aadaaf duudhaa koo naaf tiksa jedhee kan itti amane kan filatu akka hintaane nama hubachiisa.

Asoosamichi hagam falasaama uummatichaa ibsuu akka danda'e waraabbiin olii sirriitti kan agarsiisudha. Gama seenaan walbira qabamee yeroo ilaalamu sabichi mirgi diimookiraasiifi mirgi namooma isaa bara asoosamichi keessatti barreeffame kan sarbameefi barreessichi uummatichatti bulchiinsa isaa kan mirgaa isaa kabachhisuufirraa darbee jireenya gaarii sabichi akka jiratuuf dhimmu deeffachuu akka qabuuf gama qeeqaan kan agarsiisedha. Kunis dhugaa bara asoosamichi keessatti barreeffameefi seenaa uummatichi keessa ture muldhiseera.

> Guyyaa ha'raa bakka namni nubiraa hin jirretti, dachee ayyaana qabeessa kana ragaa godhadheen kakuu siif gala.  (Toleeraa, 2014, f.41)

Hafeen kunis bakka jilli yeroo bulchiinsa isaanii filatan itti gaggeffamu kan agarsiisudha. Kunis safeeffanna bakka jilafi itti wal gahani kadhatanii karaa nagan aangoo woliif kennan iddoo sanaaf kabaja akkamiifi ilaalcha uummatichaa ibsuufi. Kunis uummatichi sirna bulchiinsaa sana jaallachuurra darbee bakkeen sun itti gaggeeffamullee kabaja qabachuu isaa agarsiisuufi. Sabichi bulichiinsa fedha isaan filate bakka sana akka odeeffatu kan ibsudha. Jaalala hammamii sirna Gadaarra akka qabuufi sirnicha dirqamee kan gadi ta'us ofii isaan deeffachuu akka qabu agarsiisuufi.

### 4.3.2. Gama Gootummaan

Gootummaan kan agarsiisuu kutannoofi cimina uummatichi yeroo sanatti sodaa tokko malee waan garaagaraa keessatti hirmaatudha. Oromoon qabsoo ofiin ofbulchuu gurguddoo gaggeessera. Sabichi gabrummaaf tole jedhee harka Kan hinlaanneefi qabsoo hadhaawaa gochaa ture akka ta'e asoosamichi nimul'isa. Kana malees uummatichi Seenaa biyyaattii keessatti gama gootummaan gahee olaanaa akka qabulle nihubatama. Akkasumas gootummaan gama ajjeesaanis, yoo ilaalamu kan ajjeesee dibate goota jedhamee faarsama.Kunis yeroo sanatti gootummaan kan himamu kan ajjeesee dibate "goota" jedhame uummaicha keessatti kabaja kan qabuufi barreessaanis uummatichi uummata soda hinqanbe ta'uu isaa agarsiisuuf bifa ajjeesaan cimina uumatichaa kan kalaqedha. Kunis ciminaafi gootummaa ummatichi yeroo sanatti agarsiisa ture kan dhaloota har'aa ittiin qeequuf kan dhiheessedha. Dabalaataanis gootummaan kan yeroo rorroo warra ba'ee sabaa isaaniif qolatedha. Kunis asoosamicha keessaa bifa hafeen fudhachuun tokko tokkoon qeeqameera.

Obbo Tolosaan balbala dura taa'anii, ulee okkoo bobaa isaanii jala dhaabbatanii, sagalee isaanii duulluma keessa oollatee kan daa'imaa fakkaateen

> … Dhuma hin ooltu surreen koo,
> Ani hin butu hiddirraa,
> Maqaa jirbii hin balleessu.
> Dullumni ammas hin turtuu,
> Duuti ammas hin bubbultuu,
> Ani hin seensu diinarraa,
> Gurra abbaa koo hin balleesuu!" jechuun geeraru. (Toleeraa, 2014, f. 67)

Hafeen armaan olii kan fudhatame asoosamichaa keessaa yommuu ta'u kan dhaga'amu sagalee obbo Tolosaati. Kunis yeroo gootummaa isaanii kaleessaa yaadachaa taatee har'aa waliin walbira qabanii bifa ariin guutamanii dulluma keessa yeroo geeraran fakkeessee barreessaan kan dhiheessedha. Kunis dhaloonni har'a gootummaa akka namfakkii obba Tolosaa kana akka

fudhataniif yaadeeti. Yeroo geeraramu kanatti yerootti uummannii rorroo hamaa keessa jiru fakkeessee kan kalaqedha. Innis seenaa gootota kan durii ibsuu barbaadeeti. Shallamaa Kabbee (2013, f.6) Uummanni Oromoo uummata keessummaa yookiin darabduus miti. Biyyaaf wareegamuu irrattis taanan adda dureedha galata hin qabu malee jedhee gootummaa sabicha ibsa. Uummanni Oromoo durirra kaasee gootummaan kan lolee lolchiisaa ture bara asoosamichi keessatti barreeffameen immoo wal bira qabuun yeroo ibsamu bareessaan namfakkiitti gargaaramee gootummaa abbootii isaaniirra baratan yeroo gabrummaan uummata darartutti lolanii diina akka ofirraa mulqan waraabbii armaan oliirraa hubachuun nidanda'ama. Sabichi gootummaa kan qabu ta'uu, waraabii armaan oliis, kana ibsuufi yeroo rorroon itti hammaate akka sabicharraa qolataniif ergaa isaa dabarfachuu barbaadeeti. Kunis madda olitti ibsameefi waraabbiin asoosamicha keessaa fudhatameen walbira qabamee yeroo ilaalamu ogbarruchi haala hawaasichaa haalaan ibsuu isaatu hubatama.

> Kan baqqoo dhaqee hinajjeesin gale, baqatee kan gale jedhamee beekama. Kun qaanii dha. Qaanii isin haa oolchu ijoollee koo. (Toleeraa, 2014, f. 69)

Hafeen armaan olitti fudhatames, namoota dabeessa hawaasa keessa jiran ittiin qeequu barbaadeeti. Hawaasa keessatti namoonni akkasii kan argamaniifi yeroo rorrottis ta'ee yeroo uummata isaarra rakkoon gahu akka waaan dhimmasaa hintaanetti ilaaluufi warreen sodaatoo ittiin qeequfi. Gama biraan hawaasicha keessatti namoonni ajjeesuuf deemanii osoo hinajjeesin galan hawwaasicha keessatti akka sodatootti waan ilaalamaniif warreen akkasii roorroo biyyarraa qolachuufille, kan hin abdatamne ta'uufi dhaloonni akka akkas hin taane ittiin gorsuufi. Gama seenaan bara asoosamichi keessatti barreeffame irraa ka'uun yoo ilaalamu immoo sabichi cunqursaa hamaa keessa osoo jiruu dhaaloonni har'aa akka warra baqqoo baqatee gale yookiin baqqoo sodaatee gale waliin wal fakkeessuufi kunis osoo uummanni akkasitti gidirfamu irraa qolachuu dadhabuun dhugaa bara asoosamichi keessatti barreeffameen wal bira qabamee yoo ilaalamu seena bara ogbarruchi keessatti kalaqamee sirritti ibsuu danda'uu isaati.

> Inni baqqoo dhaquu soodaatee, mana keessaa haadha manaa isaa wajjiin wal qocolus nigeerara. Innis tuffii fi hamee haadha warraa fi dubartoota ollaa isaa ilaalchisee yeroo geeraru, dargaggeessi hin ajjeefne tuffatamaa akka ta'e isnitti himeen tureem..." jedhanii, caalmaatti ibsuufif (Toleeraa, 2014, f. 70)

Akka hafee armaan olitti fudhatameettis, dabeessa ittiin qeequufi kanneen biroo immoo akka akkas hintaanee ittiin gorsuu akkasumas dhalootatti warreen akkasii hawaasicha keessatti akkamitti akka ilaalaman hawaasnis warra akkasiif ilaalcha akkamii akka qubuuf agarsiisuufi. Waraabbiin asoosamicha keessaa fudhatame kun kan barreessaan haala yeroo sanaa itti ibsuuf

namfakkiitti gargaaramedha. Bara asoosamichi keessatti barreeffameefi dubbii namfakkii walbira qabuun yoo ilaalamu sabni osoo miidhamuu aadaafi duudhaan isaa osoo saamamuu akkasumas, qabeenyi isaa osoo hormaan saamamuu dhaloonni callisee akka waan dhimma isaa hintaanetti rafuun kan yaaddesseefi kana keessaa akka bahuuf gootummaa uummatichi seenaan qabu yaadachiisuuf akkasiin namfakkitti garagaaramee ibse. Muhammad (2014, f.75-76) Oromoon mirga abbaa lafumaa isaa kabachiisuuf nan bittu nan gabromfattu qabeenya koo hinsaamtu jechuun mormii gurguddaa gaggeessaa turuu isaanii kaasa. Asoosama kana keessattis barreessaanis gootummaa abboota isaanii kaleessaa seenaan jiru yaadachiisuun ka’anii akka lolaniif kan agarsiisedha. Kanaafuu yaadni asoosamicha keessaa fudhatameefi kan Muhammad (2014, f.75-76) ibse waliin walbira qabamee yeroo ilaalamu asoosamichi dhugaa hawaasichi keessa tureefi kan bara ofii keessa jiraatee argeen wal bira qabee kan dhiyeessee dhugaa lafarra jiru ibsuuf yaaleera.

> Mana ajjeessatti qophii guddaatu ta'a. Yeroo inni ajjeese, faacha qabatee baqqootii deebi'u, firri fagoo fi dhi'ootii yaa'ee, durbi dibbee qabattee, mana isatti dhangaa guddaan ta'a. (Toleeraa, 2014, f. 71)

Kan hafee armaan olii keessatti fudhatame immoo kan isa ajjeesee galee yeroo ta’u, inni kun uummaticha biratti bifa addaatiin kan ilaalamuufi kabaja guddaa uummaticha biraa kan qabudha. Warreen akkasii saba isaaniif illee kan abdatamaniifi gootummaa guddaa warra qabanidha. Barreessaanis warreen har’aa akkas maaliif ta’uu dadhabne yaada jedhuun kan dhiheesedha. Waraabbii fudhatame keessattis gootummaa kaleessaa ibsuufi dhaloota bara asoosamichi keessatti barreeffame immoo gootummaa seenaan jiru sana irra deebi’uun akka hojjetaniif akkasumas, seenaa abboota isaanii kaleessa yaadachiisuuf akkasiin dhiheesse. Kunis seenaa jiruufi kan bara ogbarruchi keessatti barreeffameen wal bira yoo qabamu gootummaa kaleessaa lolee lolchiisu dhibuun bara inni keessatti barreesse waliin dhugaa hawaasicha keessa jirudha.

> Jagnummaa namicha ajjeessee mullisuuf Guyyaa kana durbi isa gooticha faarsti. Inni ajjeese kun qondaala jedhama. Egaa qondalitichi guyyaa kana dhadhaa mataa dibatee, ulee qondaalaa qabatee gurra isaatti Qandii yookaa Lootii kaawwatee. (Toleeraa, 2014, f.71)

Yaadi hafee armaan olii agarsiisus warreen goota ta’an hawaasaicha keessatti kan farffamuufi sirni garaa garaa isaaf kan godhamu ta’uu kan agarsiisudha. Isaanis warra abdii biyyaa akka ta’anitti waan ilaalamaniif warra kanaaf jila garaa garaa gochuudhaan isaaniin faarsu kanas, barrreessaan dhaloonni kan har’aa akkas ta’uu dhabuufi gootummaa abbootii isaanii yaadatanii yeroo sanatti, biyya isaani roorroo jalaa akka baasaniif haweeti. Muhammad (2007, f.137)

“Afaan Qawwee kan diddaa gabrummaafi abbaa biyyummaa Oromoo mirkaneeffachuuf jecha gaggeeffame, biyya Oromiyaa bakka Heddutti yeroo adda addaa adeemsifameera” jedha. Hafeen armaan olitti fudhatames, kunis namoota ajjeesanii dibataniifi hin ajjeesne gidduu garaagarummaa bal’aan jiraachuufi warri baqqoo hideemne hawaasicha keessati kabaja kan qabne, bakka warra ajjeese dhabbachuu kan hindandeenyeefi innis warra baqqoo hindhaqneetti booree horuuf yaadameeti. Kunis, dhaloota har’aa gorsuufi dabeessa akka hintaaneefi biyyaa isaaniif dhaabbachuu akka qaban ergaa isaaniif dabarasuufi. Waraabbii asoosamicha keessaa fudhatameefi yaada olitti Muhammad (2007, f.137) irraa fudhatameenis walbira qabamee yeroo ilaalamu dhugaa haalamuu hindandeenyedha.

### 4.3.3. Ummatichi Gama Aadaafi Duudhaatiin Maal Akka Fakkachaa Ture

Haalli aadaa akkaataa jireenyaa amantii, nyaataa, uffannaa, safuufi maalumma hawaasichaa kanneen ibsanidha. Barreessanis namfakkiitti gargaaramee akkaaataa aadaafi duudha nannoo keessa jiraachisee gonfeera. Kunis hawaasa tokko kan ibsu aadaafi duudhaa isaati. Uummatichi aadaafi safuu isaa eeggatee jiraata. Safuun waan hawaasni tokko eeggatee ittiin buludha. Safuu yoo cabsanis hawaasicha biratti fudhatama dhabu; jireenya hawaasummaa keessaa baafamu. Hafeen armaan gaditti fudhatames kanuma kan ibsudha.

Hin geenyeen ingeesse kaa
Fagoon nidhi'aattee kaa
Ayyookoo garaa kee sabbataan hidhuu! (Toleeraa, 2014, f.57)

Hafeen armaan olii keessatti sagalee marartuutu dhagahama. Akka aadaa Oromootti dur dubarri yeroo heerumuuf kaatuu hiryoonni ishee guyyaan cidhaa yeroo gahuuf jedhu jaalalafi hiryummaan isaanii sababa heerumaan akka waan addaan cituutti waan yaadaniif mararoodhaan jaalala isaanii ibsatu. Asitti barreessaan aadichi amma hafuu isaa ittiin qeequufi. kana keessatti dhaloonni ammaa aadaa isaa dagatee aadaa hormaa fudhachuu isaanii ittiin ibsuufi. Ummatichi kan saamame qabeenya qofa osoo hintaane aadaaf duudhaa isaas saamamuun biyyaa isaa keessatti aadaan sabichaa akka baduuf gocha sinichi godheen dhaloonni ammaa immoo kan ofiisaatti akka jiratuuf akkasiin kalaqe. Dubbisaan kana yeroo dubbisu aadaan isaa dur maal akka ta’eefi amma maalirra akka jiru kana keessatti hubata. Dhiibbaa sirnichi irraan gahaa ture irraa ka’uun dhaloonni akka dammaquuf dhiibbaa uumuufi. Kanaafuu ija seenaan yoo ilaalamu uummaatichi sarbama mirgaa qofa osoo hintaane sarbamni aadaaf duudhaa sabicharra gahaa turuu isaa hafee armaan oliirraa hubachuun nidanda’ama. Kunis yoomessa asoosamichi keessatti kalaqameefi bifa seenaan yeroo ilaalamu dhugaa jiru ibsuuf kan yaaledha.

> Dur, utuu aadaan keenya hin manca'ian dudhaan keenya hin burjaajai'in shamaran jala bultii ayyaana Birraa sirbu. Ayyaanichi ga'uuf torban lama yeroo hafu galgalgala bakka tokkotti walitti yaa'anii, akka aadaa duriitti weedduu birraa akkas jedhanii weeddisu.
> Dibbee qabaatanii
> Hadaan daraaree hoo
> Hin ooluu hin ooliin
> Yaa maagallee hoo
> Jiraanne hoo'" jedhanii sriba ayyaana birraa irra akka hin hafne walii mirkaneessu. (Toleeraa, 2014, f. 98)

Akka hafee armaan oliitti duudhaan hawaasichaa amma kan badeefi dur yeroo birraan gahu shamarraan jala bulti Birraa yeroo gahu akka aadaa Oromootti walitti yaa'anii sirbu. Kun immoo amma aadaan uummatichaa kan hin jirre ta'u agarsiisuu barbaadeeti. Kanas amma badaa deemuu isaa dhaloota har'aatti ittiin mul'isuufi. Akkasumas walaloo dur jedhamee sirbamu illee ittiin yaadachiisuufi. Kunis, bifa walaloon kan armaan olitti fudhatames asoosamicha keessaa sirba aadaa yeroo birraan gahuuf ka'u walitti yaa'anii birraan gahuu isaa gammachuun ibsatanidha. Kanas hawaasichi aadaa akkasii dhiisuu isaa ittiin qeequfi. Aadaa akkasii sababaa haala siyaasa sirna bulchiinsa biyyichaan uummatichi dirqamee aadaa isaa gadidhiisuu isaafi dhalootni aadaa isaa kana deebifachuu akka qaban ergaa dabasuufi. Kanaafuu waraabbii oliirraa akka hubatamutti asoosamichi , kalaqa qofa osoo hintaane sirnichi akkamiin hawaasa Oromoo aadaaf ddudhaa isaa balleessaa akka ture sirritti ibsuu danda'eera. Walumaagalatti rakkooleen kunniin hojii ogbarruu kana keessatti calaqqisan hojiin gbarruun kun akka uumamuuf sababa ijoo ta'eera.

> Nooraa gamatti ajjeessaa! loon kuma horaa! Taa'aa maaloo hin dhaabatinaa, tolaan isniif haa dhaabatuu!" jedhan, jaarsoolii sadanuu wol faana. Sadan isaanii dabreedhaan obbo Gammachuufi firoota isaani harka fuudhanii taa'an. …Egaa akkuma beellama keenyatti har'a mana ka'aa qabannee dhufneerra. Akkuma aadaa keenyatti akka nuharkaa fuutaan isin gaafanna (Toleeraa, 2014, f.  174-75

Hafeen armaan olii kun uummatichi keessummaa akkamiin akka simatuufii jaalala inni waliif qabu agarsiisuufi. Akka yaada kanaatti jaarsummaa yeroo mana intalaa dhaqaanidha. Jaarsolii gurbaan filatee mana intalaatti erge mana sanatti akkamitti akka kabajamuuakkasuma, har'a aadichi maalirra jira kan jedhufi uummatichi duudha kana akkamitti eeggachuu akka qabu ibsuu barbaadeeti. Kana malees yaadicha irraa kan hubatamu aadaa yeroo mana intalaa deeman maal qabatanii akka deemaniifi aadaa uummaticha naannoo Sanaa maal akka fakkaatu ibsu barbaadeeti. Dabalataanis, barreessaan duudhaan akkasii baduu isaa ittiin ibsuufi. mana ka'aa akka aadaa sanaatti kan gurbaan inni intala fuudhu jaarsolii filatee gara mana intalaatti qabatanii

kan deemanidha. Aadaan akkasii har’a hawaasa keessaa kan hinjirreefi asoosamichi dhugaa lafa jiru muldhisuu danda’eera.

> …Akka aadaa fuudhaafi heerumaa bakka kanatti sirna fuudhaafi heeruma akkasii keessatti cidha dursee sirna naqataatu geggefama. Achi irratti intalaaf meeshaan dhi'aata. Gurbaafi intallis waliigaltee isaanii muli'su. Akkasumas fuulichuma irratti aadichi bakka kan hinjirree ta’uu ibsuuf, sadan keessaa obbo Guutamaan, hidhii isaanii haxawatanii, obbo Gammachuutti siqanii dur aadaan keenya kana hinturre. Akka baraatti malee akka ofitti hin bulan." jedha (Toleeraa, 2014, f. 175)

Waraabbiin armaan olii kunis akkaataa gurbaafi intalli osoo wal hin argin walii galtee isaan godhan fa’atu mul’ata. Akkasumas mana warra intalaa yeroo deeman meeshaa intalaaf dhiheessuu fa’atu argama. Meeshaan intaalaaf dhihaatu wanti meeshaan irra taa’u gama maatii intalaatii erga dhiheessanii booda warri jaarsolii gurbaa birriis ta’ee meeshaa intalaaf dhihaatu meesha dhihaate irra erga ka’anii boodaa kan oldabarsu kaadhimamaa jirtu sanatu meeshicha gara golatti oldabarsa. Kunis walii galtee gurbaafi intala mul’isuufi.

Asoosamicharratti kan dhihaate meeshicha intalli kaasuu osoo qabdu kan meeshaa dhihaate oldabarse haadha intalaati. Kun akka aadichaatti kan hinbaratamne waan ta’eef jaarsooliin gurbaa aadaan cabuu yeroo argan mufachuu isaanii ibsuufi.  Obbo Guutaamaan obboo Gammachuutti siqanii aadaan baratame yeroo cabu waliif ibsuufi mufii qaban jiraachuu ibsuufi. Walumaa galatti barreessaan aadaa durii keessaa wanti keessaa hir’ate jiraachuu ibsuufi kunis namoonni har’aa aadaa sana bakkuma jiruttiyyuu aadaa sun guutummaatti eegaa kan hinjirreefi akka barbaadan gochaa jirachuu isaanii dhaamsa dabarsuu barbaadeeti. Kanas yeroo duudhichi badu dhaloonni callisee ilaaluu akka hin qabneefi tikfachuu akka qabu ergaa isaa dabarfachuufi. Akka ogbarrucha keessatti dhihaatetti aadaan akkasii har’a uummaticha keessaa kan hijirreefi asoosamichis kana kan dhugoomsedha.

Magartuun weedduu ishee weedisaa lanqaxxi. Har'a garuu amalaaf osoo hintaane, cidha geggefamaa jiru irraa sirbi adooyyee dhibuun baayyee ishee dhibeetu haala tajabbiin weeddifti.

> Wayyaa simbirroo.
> laga godarree
> Maa boossa hiriyyee.
> Mararoo qarree.... (Toleeraa, 2014, f. 185)

Hafee kana keessatti barreessaan namfakkitti gargaarame baduu aadichaa dhaloota har’aa ittiin taajjabuufi. Walaloon kun marartee hiryummaa intala heerumuuf jettuufi hiryoota dubaraa isheetu jaalala isheef qaban karaa Kanaan ibsatu. Kun har’a hawaasicha keessaa sababa sirna

bulchiinsafi siyaasa yeroo sanaan uummatichi aadaa isaa saamamuu ittiin ibsuufi dhaloonni kun immoo callisee ta'uu akka hinqabneefi aadaa isaa deeffachuu akka qabu dhaamsa isaa dabarfachuufi. Waraabichi jaalala hiryummaa isaanii ibsuuf durboonni hiryaa intala heerumtuu yeroo guyyaan cidhaa dhihaatu yaa'anii marartee isheef qaban kan ittiin ibsatanidha. Kunis intalli erga heerumte bulti dhaabbattee booda akka duraatti hiryummaan isaani itti fufuu waan hindandeenyeef marateen jaalala hiryummaa qaban waliif ibsu. Waligalatti dudhaan sabichaa har'a bakka kan hinjirreefi  kunis dhugaa hawaasicha keessatti qabatamaan mul'atu kan ifoomsedha.

### 4.3.4. Seenaa Uummatichaa Gama Hawaasummaan

Hawaasummaan akkaataa itti hawaasni waliin jiraatudha. Innis yeoo gaddaa yeroo gammachuu, yeroo ayyaanaafi hojiwwaan garaagaraa irratti wal gargaaruu fa'a ofkeessatti kan qabatedha. asoosamnis wantoota aduunya dhugaa keessa jiran hawaasa keessatti barreessaan waann taajjabe bifa kalaqaan hawaasichaf kan dhiheessu waan ta'eef namfakkiin kalaqames addunyaaa asoosamaa kana keessa yeroo jiraatutti kan addunyaa dhugaa keessatti ta'u raawwatee darba. Kanas barreessaan hawaasummichi haala gaariin kan jiru yoo ta'e akka itti fufu gochuufi yoo hawaasummichi badaa kan deemu ta'e akka bakkatti deebi'uuf yaadni ogbarrucha keessatti dhiyaates kan armaan gadiiti.

> Dubartoonni haadha Biliiseen durfaman dhangaa qopheessuu irratti wal qabu. Kaan gumiin waa'ee cidhichaa hasawaa dalagu warri biraa qoosaan wal haleelaa xabachaa, kolfaa hojjetu. (Toleeraa, 2014, f. 183)

Hafeen armaan olii yeroo cidha bilisee dubartoonni ollaa cidha gargaaruuf achitti wal gahuu isaanii ittiin ibsuufi. Kunis hawaasichi yeroo gammachuutti hawaasummaa akkamii akka qabu ibsuufi. Akkasumas yeroo wal gargaarutti fedhii isaanii waan ta'eef gammachuu guutudhaan kan keessatti qooda fudhatan ta'uu isaa agarra. Uummanni tokko yeroo waliin jiratutti gaddaas ta'ee gammachuu naannoo jiratuu keessatti kan waliin qoodatudha. Sabni kun dur waliin jiraatee yeroo rakkoof gammachuu walibira dhabbatee kan waliin jiraacha ture ta'uu agarsiisuufi yeroo barreessaan asoosamicha keessatti barreesse kaasee hawaasummaan akka durii sun dhibuu isaa dhugumaan bara asoosamichi keessatti kalaqamee waliin wal bira qabamee yoo ilaalamu qabatamaa hawaasa keessa jiru kan ibsedha.

### 4.3.5. Rakkowwan Gama Siysaasaan Uumaticharra Gahaa Ture

Siyaasni haala jireenya hawaasa tokkoo gara barbaadetti oofuu kan danda'uufi uummatichi jireenya isaaf sababa kan ta'ee haala siyaasa inni yeroo sanatti keessa jiraata ture, yerichaan kan walfakkeessudha. Siyaasni amala dhaabbatummaa kan qabu ta'ee, hawaasa, mootummaafi saba irraan karaa ittiin dhiibbaa qabatamaa ta'e uumaniidha. Uummatni Oromoo sababa cunqursaafi gidiraa adda addaa namtolchee ta'aniin miidhaa ol'aanaan irraa ga'aa tureera. Uummanni Oromoo bara sirnoota mootiin bulaa ture keessatti acuuccaa hedduun irra gahaa turuu isaa sirna bittaa abbaa hirree kana dura kanneen dhaabbatan akkasumas lafa abbaafi haadha isaanii irraa dhaalan dabarsinee ormaaf hinkenninu warreen jedhan haala gaddisiisaan gidirfamaafi ajjefamaa turaniiru. Uummanni Oromoo sirna bulchiinsa darbeen miidhamaa turuu isaanii kan ibsudha. Kunis Seenaa darbe keessatti uummatichi siyaasa yeroo darbe keessatti miidhamaa turuu isaa agarra. Sababa siyadichaan uummanni hedduun lubbuufi qabeenya isaanii dhabuu agarsiisa. Taateewwan kana fakkaatan asoosama imimmaan haadhaa jedhuu keessaa gama siysaasaan maal akka fakkaatu armaan gadiitti dhiyaateera.

> Seenaa maatii kooti baruun koo waan hundaa naaf caala. Rakkoo haadha kootii sirriitti hubadhee furmaata barbaaduun dirqama koo ti."ittiin jedhe. (Toleeraa, 2014, f. 20)

Hafeen armaan olii kun haala jireenya maatiin isaa yeroo sanatti sababa siyaasa yeroo sanaan maatiin isaa rakkoo hamaaf saaxilamuu kan ibsudha. Asitti wanti inni ibsuu barbaade uummanni Oromoo yeroo sanatti sababa rakkoo siyaasaarraa kan ka'e rakkina cimaa keessatti kufuu isaa ibsuuf. Innis yeroo sanatti dubbisaan taatee ta'aa jiru hubachuun fala isaa kaa'uu akka qaban barbaadetti. Waraabbiin armaan olii namani seenaa isaa akka beekuu qabuufi seenaan uummanni Oromoo gama siyaasaan keessa ture hubachuun nidanda'ama. Isheetuun (2009,) Minilik uummatni Oromoo kumaatamaan lakkaa'amu lubbuu isaa qaalii ta'e ajjeesaa turuu ibsa. Kanaafuu yaadni olitti fudhatameefi dhugaa bara ogbrruchi keessatti kalaqameen wal bira qabamee yeroo ilaalamu dhugaa lafarra jiru kan ibsedha.

> Obboolaa siif hangafan lama qabda. Abdiif Gaaddisaa jedhamu. Waggaa digdamaan dura, Mana Sibuu yeroo jiraannu qabeenya guddaa qabna turre. Loon, midhaan, hammas hin jedhamu. Booda Dargiin 'waanbadee gargaarta'jedhee abbaa kee qabee hidhe. Qabeenya gabnu hundaas saame. (Toleeraa, 2014, f. 22)

Hafeen armaan olii kunis saamicha qabeenyaafi dararaa uummatarra gahaa ture yaadachiisuu barbaadeeti. Haalli siyaasaa yerichatti namoota mirga isaaniif falmatan maqaa balleessuun wanbadee jedhee uummata jibbisisuuf namoonnis akka garichatti hindabalamneefi deeggarsa hin

gooneef akkasitti maqaa balleessuun namoota isaaniin deeggaran ammoo dararuu, hidhu, qabeenya saamuun waan beekamaa ture. Hammeenya jaraa ibsuuf gochi isaan godhan akka uummatichi ofhin bulchineef walhin bulchineef sirna isaanii jalatti hafuu akka qaban barbaadanii gocha kana raawwachaa akka jiran uummatatti saaxiluu barbaadeeti. Haalli sirna bulchiinsa yeroo sana uummanni Oromoo qabeenyaan saamamu, hidhamuu, ajjeefamuufi dararaan hedduun uummaticharratti gaggeeffamaa turuu gama seenaan nama hubachiisa. Dubbisaanis kana dubbisee dammaquu akka qabu barbaadeeti. Isheetuun (2009, f.138) dhiibbaa Milinik uummata Oromoorraan geessisa ture duula bara 1886 Minilik uummata Oromoo Arsii irraan ga'een, uummatni 7000 ajjeefameera, dubartootnifi daa'imman hedduun akka gubatan taasifamaniiru" jedha. Yaada waraabbii asoosama keessa fudhatameefi yaadni armaan olii ummanni Oromoo sirnoota darban keessatti hagam miidhamaa akka ture namatti mul'isa.

> ... Bakki isaa baayyee nama sodaachiisa. Qilee. Qilee gaarreen sodaachiisaa. Oilicha keessa kattaalee gurguddaatu garasii garanaan mul'ata. Garreen kana jalaan bishaan talilli, iraangadee darbatamee qilicha keessati qurxamu oomacha uumee hunki isaa urrii ganna walakkaa fakaateera. Kattaalee gurguddaa kana gidduutti haala baayyee nama dhibuun muki Odaa lalisee, midhagee mul'ata. Qoraattii nama sodachisuun marfamee. Yeroon isaa gara barii ti. Baatiin waaqa irraa ifa dimimisawaa uumama lafarraa goonfiteetti. Qilee sodaachisaa kana keessa karaa qoree fi kattaa gurguddaan cufame irra namoonni danuun gara Odaa sanaatti adeemanii arge. (Toleeraa, 2014, f. 26)

Yaadni hafee armaan olii abjuu Dhugaasaati. Abjuchi hawwwii uummanni isaa ta'uu qabaniifi bakka sana gahuuf aarsaa guddaa barbaaduu isaatu argama. Kaayyoo sana bira gahuun qoreefi gufuwwaan hedduun kan itti baay'atu ta'uu isaa agarsiisuufi. Odaan garrewwaniin marfamte immoo uummanni Oromoofi Oromiyaan balaa hedduun yerositti marfamtee jirachuu ishee ibsuuf kanatti gargaarame. Gufuufi qoree sana damdamachuun Oromiyaa bararuun dirqama yerosii ta'uu dhaamsa isaa dabarfachuu barbaadeeti. Gadaa (1988, f. 66) dhibbaa Minilik uummata Oromoo irraan ga'e yommuu ibsu, sirna Minilik keessati sababa waraanaan walqabateen uummatni beelaafi godaansaaf saaxilamuu iraa kan ka'e baay'inni uummata Oromoo yeroo sanaa 10,000,000 ture gara 5.000.000tti akka gadi xiqqaatu kan taasise ta'uu ibsa jira. Sabichi sirna bulchiinsa darban keessatti miidhama gama diimookiraasiin qofa osoo hintaane mirgoota namoomaan sarbama turuu isaa hubachiisa. Sana keessaa bahuuf uummatichi gufuwwan hunda damdamachuun sana keessa bahu akka qabu hafeen fudhatame kallatti nikaa'a.

> Akkuma kaayyoo keenya gaafa manaa baaneetti kabajaan mirga keenya dhiitame saamame iddootti deebisuuf qabsoo keenya ittifufnee jirra. Guyyaan qabsoon galma ga'us

> dhi'aachaa jira. Atis egaa barnootaa kee xumurtee dhugaa kana erga bartee, halkaanii fi guyyaa jabaadhuu hojjedhu. Abdii fi Gaaddisaan, obbolooti kee asi jirraa" ittin jedhanii

Hafeen armaan olii Kunis abjuu dhugaasaafi kaayyoo inni itti dhiphataa jiru waliin kan walqabatedha. Kaayyoon hunda isaaniyyuu Oromiyaatti kabaja horuufi dinagdeef duudhaa isaanii eeggatanii akka bulaniif kutannoon qabsaa’uun barbaachisa ta’uu agarsiisa. Sun ta'uu kan danda'u immoo ciminaan qabsa’uu akka barbaaduu uummatichaaf ibsuu barbaadeeti. Kunis waan barbaadan sana salphaatti bira kan hingeenye ta'uu ibsuufi. Akkasumas waraabbiin armaan olii namoota kaayyoo isaanii dagatanii uummataaf dhaabbanna sabicha bakka buune jedhanii sana dagatanii dhimma dhuunfaa isaaniin liqimfamanii hafan kan ibsuufi kanneen uummataaf hojjetanis ta’ee kanneen uummaticha bara asoosamichi keessatti barreeffame gabrummaa jala sabicha baasuuf bahanii kaayyoo sana dagatanii dantaa dhuunfaaf gowwomsaman dhugaa hawaasa keessa jiruun walbira qabamee yoo ilaalamu waan hawasicha keessa jiru kan itti ibsedha.

> Abbootiin keenya bara isaanii walabummaan ofiisaanii ta'anii jiraatan, Har'a ammoo barri isa biraa dha. Barri jijirameera. Akka bara abbootii keenyaatti Jiraachuuf yoo yaalle iyyuu hin dandeenyu. (Toleeraa, 2014, f.73)

Hafee armaan olii keessatti Seenaa Abbootiin nutti dabarsan nuti harkaa fuunee akka karaatti gannetti yookiin akka galfata nyaannetti yaada isaa dubbisaa biraan gahe. Kana malees yeroo abboonni keenya walabummaa isaanii tikfatanii turaniifi yeroon har'a tokko akka hintaane beeksisuun dhaloonni har'a yeroo faana deemuun qabsoo yeroon barnaachisu gochuu akka qabnu ergaasa. Akkasumas qabsoo abboonni dabarsanii kennan dagachuu akka hinqabne ergaa dabarsuu barbaadeeti.

Gama seenaan sabichi gootummaa akkamii qabachaa akka ture biyya isaa haala kamiin tikfachaa akka turee abboonni darban aarsa hedduu kaffaluun biyyatti dhaloota har’aatti yoo kennan dhaloonni har’aa gahee isaa bahacha kan hinjirre kanas bara barreessaan asoosamicha keessatti barreesse uummanni gama mirga jiraachuufi qabeenya isaarra dhiibamuun waan tureef seenaa gootowwan kaleessa darban irra baratee biyya isaa walaboobsuu akka qabaniif dhaamsa isaa dabarfate.Akka waliigalaatti haficha keessatti warri siyaasaan uummata keenya miidhaa turan qabeenyaaf qorqalbii sabichaa miidhuurraa darbanii ajjechaafi gadadoo gita hinqabne sabichaarraan gahaa turuu isaaniitu mul’ata.  kana irratti dhaloonni har'a dammaqee kana balleessu akka qabu ibsuufi seenaa abboota isaanii yaadachisuuf haalaan kan dhiheessedha.

> Baayyee ariifachuun qaba. Ariifaachuu. Imimmaan haadha kootii qoorsuuf, Abdii fi Gaaddisaan injifannoon qee'ee isaaniitti deebi'uu qabu. Bor maal akka ta'u waanan beeku hin jiru. Har'a waan naaf danda'amu dalaguun dirqama." Jedhee, offii isaatti dubbate. (Toleeraa, 2014, f. 163)

Hafee kana keessattis Kan dhagahamu sagalee Dhugaasaati. Yeroon gahuu isaa ibsuuf uummanni dammaquu akka qabuufi baroonni inni gabrummaa jala bulaa ture raawwateera nuti dhaloonni har'a kana dhaabuu akka qabnuufi yeroon isaas amma ta'u yaadicha ibsuufi. Yeroo warri akkasii dammaqu warreen uummatichaaf jecha qabsootti jiru illee miidhaa jalaa baraaramuu danda'a. baricha keessa namoonni sabaaf sagalee ta'an baay'een hidhamuu gariin immoo ajjeefamuufi dararaa hedduuf saaxilamuutu mul'ata. Sana yerositti dhalootichi dammaqee hindhaabsifne miidhaan uummata daran babal'achaa deemuun kanneeen sabaaf qabsa'aniis wareegama irraa bararuuf uummatichi gamtaan ka'ee diina isaa dura dhaabbachuu akka qabu ibsuufi. Akkaataa yeroon deemtuun yeroo faana yoo sochoone biyyichaafi sabicha balaa jalaa yeroo sanatti baraaruun akka danda'amutu ife. Yerositti halli qabatamaan uummanni keessa jiru dhugaa asoosama kana keessatti ifeen adda miti.

> Xaa'oo liqaan argachuuf misensummaa paartii angoo irraa jiruu yeroon itti gaafatame jira. Sababa addaa addaa uumuudhaan qotee bulaa miseensa paartii morimituutti himachuun hidhuun bal'inaan mul'ateera. Kun waan hedduu gadisiisaa dha! (Toleeraa, 2014, f. 89)

Dhimmoota wal hin fakkaannee dhimma jireenya namaatiin walqabsiisuun barbaachisaa akka hintaane yaada isaa dabarfachuu. Dirqamaan siyaasa ani hordofe hordofi kan jedhuuf jiraachuuf dirqama miseensa paartii isaanii ta'uun dirqama akka ta'e ibsuufi kana ammoo akka inni wal hin fakkaanne kana jechuun dhimmi paartiifi hojjetanii jiraachuuu gargar ta'uu warra yeros bulchaniif isaaniif himuu barbaadeeti. Warabbiin asoosama kana keessa fudhatame dirqamaan uummatichi sirna isaanii osoo hinta'iniif deeggaruu akka qaban osoo samamanii paarticha garuu deeggaruu akka qaban kan ibsuufi taajjabbiin kun warra yeroo sana Oromiyaa bakka bu'anii bulchan kan ibsudha. Kunis dhimmi isaanii dhima paartii malee dantaa sabicha keessa bahanii eegsiisuun isaaniin akka hinilaallanetu hafee fudhatame kana irra baratama. Kanaafuu warabbiin fudhatame kun dhuhaa sabichi keessa jiru raga bahuu danda'eera.

> Lafan qotadhee jiraadhu narraa fudhachuuf jennaanan dide. Ani abbaa ijoollee ja'ati. Kanaan maatii koo jiraachisu lafa qoteen. Nan du'a malee lafa koo hin kennu jedheen dide. Kunoo ijoollee koo alatti gateen mana hidhaa ciisa. (Toleeraa, 2014, f. 102)

Lafaaf qabeenya uummata saamuun yerositti baratamaa ta'uu isaa ibsuufi kanas hammamuu yoo ta'e yeroo lafti isaanii saamamu uummatichi tole jedhee kan harka hinlaanneefi falmiitti turuu

isaatu mul’ata. Kana deeggaruun immoo gahee dhaloota yerichaafi namoota barataniiti. Akka namfakkii armaan oliitti lafa isaanii hamma du'aatti falmachuu akka qabaniif warra lafarra buqqa'aniifi warra buqqasaniifis lafa ofii salphaatti gadidhiisuun akka hinjirreefi yeroo sanatti uummata Oromoo Oromoo sababa misooma maqaa dhahachuun ummaticha lafasarra buqqa'aa akka jiran dhaamuufi. Sammichiifi hidhichi kutannoon hanga wareegamaatti falmachuun barbaachisaa ta’uu isaa akeeka. Yeroo sanatti sababa oromummaa qofaaf mirgi isaanii sarbamufi dararaan irra gahuu ibsuufi kana malees asitti dhimma tokkummaa uumatichaallee ergaasa dabarfachuufi. Kunis hundi isaanii guyyaa tokko mana hidhaa kan galan hunduu himata walfakkataan kan himatamaniifi Oromiyaa golee hunda keessatti gochoonni akkasii baay’iaan jiraachuufi sabichi kana tokkummaan ofirraa mulquu akka qabu agarsiisa. Kun hundi walitti idaa‘amee Oromoon eenyummaa isaa fi mirga abbaa biyyummaa isaa beekee akka jiraatuufi diina isaa fuuldura akka dhaabbatuuf hojiin ogbarruu kun muldhisuu danda’eera.

> Booleen dur kana hin turre" jedhe Sooressaan, hiriyoota isatti galagalee haala shamaraniifi dardaran isaan afaan duduuba jiranii haalaan daawwatee "Booleen har'a afaan isheen hinbeekineefi aadaa isheen hinbeekineen irratti shubifamu dur lafa seena qabeessa turte” (Toleeraa, 2014, f. 110)

Seenaa magaalaa Finfinnee keessatti kaasee saamicha lafaafi Seenaa uummticharraa gaha tureefi lafichi afaaniif seenaan qabeenyaan samama turuu ishee beeksisuufi. Dur maal akka tureefi eenyuun akka samamee uummatichaaf ibsee lafaaf seenaa isaanii deeffachuu akka qaban dhaamsa dabarsuufi. Weerara uummatafi lafa naannoo sanarratti godhame falmatanii deeffachuun dirqama ta'uu ibsuufi. Warabbii armaan oliitti fudhatame kana keessaa wanti mul’atu sabichi qabeenya saamamuu qofa osoo hintaanee aadaaf seenaa akkasumas, afaan isaa mulqamuun lafis namnis nama biraatu akka irra jiraata ture agarsiisa. Bara asoosamichi keessatti barreeffame samichi isaan kan dhaabbate osoo hintaane, dursa qabeenyaaf aadaaf seenaa sabicha yoo milqan booda sabni aadaas, ta’ee seenaa hinqabne ofiifuu du’aa waan ta’eef gocha akkasiitu bara sirna bulchiisichaa keessa uummaticharratti raawwatama turuutu ijaa seenaan nama hubachiisa.  Kunis dhugaa jiru calaqqisiisuu danda’eera.

> Guyyaa kana arguuf hedduun hawwaa ture Bilisee koo!" jedhe Dhugaasaan, gara kutaa walga'iin itti geggefamuutti deemuuf, harka lachuun uleetti rarra'ee ol ka'uuf yaalaa. gammadeera. (Toleeraa, 2014, (f.  255)

Hafee kana keessattis yoo tokkummaan qabsa'aan guyyaa kana arguun akka danda'amu ifa gochuufi. Kunis mul'atafi kaayyoo barressichaa inni guddaan isa kanadha kana kun argamus

tattaaffi uummatichaa booda firiin akkasii argamu akka danda'u galma qabsichaa agarsiisuu danda'eera. Kana malees qabsoon maal akka barbachisu agarsiiseera. Innis qaama miidhamuu hanga lubbuu ofii aarsa gochuutti akka jiru ibseera. Dabalataanis namoota qabsoo keessatti aarsaa kaffalaniif gatii yookiin yaadachuu akka qabnuufi dhalotaa inni barreessefis gootummaa akkasii fiduun akka danda'amutu hubatama. Kunis

### 4.3.6. Gama Dinagdeen

Dinagdeen hawaasa tokkoof barbachisaa ta'uu isaarra darbee hawaasni dinagdee hin qabne rakkoo guddaaf saaxilama. Jiruufi jireenya hawaasa tokkoo jijiiruu keessatti dinagdeen shoora olaanaa qaba. Dinagdeen sochiiwwan siyaasaafi hawaasummaaf bu' uura ta'ee tajaajila. Humni dinagdee hawaasummaafi Siyaasa ofkeessatti qabata. Dinagdee malee hawaasni tokko fooyya'insa jireenyaa agarsiisuu hindanda'u. kanas uummatichi dinagdee keessatti maal akka fakkaachaa tureefi yeroo asoosamichi barreeffame maal akka fakkaatu akkasumas, har'a immoo jireenya maali keessa jiraachaa akka jiruufi fuulduratti maal gochuu akka qabdudha. Kana malees, Dinagdeen hawaasa keessatti kan hawaasichi ittiin jireenya isaa gaggeeffachuuf godhuufi bakka inni irra jiraate jireenyicha gaggeeffatu dabalateetu.

> Lafti hurufni qonnaaf tolu, rimmaan dhunfatameera. Dabree dabree koobiin rimmaa, hojjaan isaa meetiran lakkawamuu fi ogummaa namaan dhaabbate fakkatutu argama. Biqilooti garri caalaan jireenya isaanii rimmaaf kennanii ofii goganiiru. Bakka tokko tokkotti margi lafa qoddi irratti nimul'ata. (Toleeraa, 2014, f. 62)

Hafeen armaan olii kun haala jireenya hawaasicha ibsuufi. Kanas nama isaaf birmatu dhabee jireenya akkasii dirqamee jiraachaa akka jiru ibsuufi. Yeroo barreessaan yaada isaa barreesse kanatti gadadoo uummatichi keessa jiru ulfaata ta'uu isaa ibsuuf ta'ee osoo jiru rakkoo isaaf fala barbaaadurra ummaticharratti rakkoo biro dabaluuf yaalutu mul'ataa akka jiru ibsuufi. Isa kanas yeroo biyyi isaa rakkoo akkasiin gadadamtu namoota baratan hedduu osoo qabdu nama rakkoo kanaaf furmaata kennu dhabuu ishee ittiin kan ibsedha. Kanas namoonni baratan biyya isaaniif quqama hammamii qabaachaa akka jirantu hubatama. Waraabbiin olitti fudhatame qabatamaa bara asoosamichi keessatti kalaqameen wal bira qabamee yeroo ilaalamu dhugaa lafarra jiru muldhisuu kan danda'edha.

> Qonnaan bulaan naannoo kanaa horii horsiisuun beekamaa dha, Baroota hedduuf loon asi iratti horsifatee jireenyaa badhaadhinaa gegeessaa tureera. Midhaan garaa garaa oomishee firii guuddaas argachaa ture. (Toleeraa, 2014, f. 63)

Akka hafee armaan olitti fudhatameettis, uummatichi dura jireennya qannoo jiraachuu isaa ittiin ibsuu barbaadeeti. Kanas haala jireenya isaa har’aaf sababni rirma qofa osoo hin taane nama birmatee rakkoo kana keessatti isa deeggaru dhabuu isaa ibsuufi. Callaa garii oomishee galfachaa turuu isaafi namoonni yookiin dhaloonni yeroo barate imomoo rakkicha keessatti deeggaruu akka qabu barbaadeeti. Akkasumas barreessan yeroo sanatti dhimma rirmaa ibsuu barbaadee osoo hin taane uummatichi gama dinagdeen kufaati hamaa keessa kangalge sababni adda addaa jiraachuu isaa ibsuu barbaadeeti. Walumaa galatti uummatichi rakkoo dinagdee hamaa qabachuu isaatu hubatama. Kunis seenaa jiruufi hacuuccaa sirnichi gama dinagdeen uummaticharraan gahe qabatamaa hawaasa keessa jiru ibsuu kan danda’edha.

> Barri keenya bara badhaadhinaa ture. Bara gammachuufi quufaa. (Toleeraa, 2014, f. 72)

Yaadni armaan olii fudhatames bifa gaabbiin haala jireenya uummatichaa ibsuu barbaadeeti. Iddoo kanatti namfakkiin waa’ee durii yaadachiisuun dhaloota har’aa irraa mufii qaban ittiin ibsuufi. Kanas uummatichi seenaa isa agama dinagdeen dur qabu yaadatee har’a ka’ee furmaata barbaadu akka qabuufi bakka isaa ganamaatti dinagdee isaa deeffachuuf carraaquu akka qabu ibsuu barbaadeeti. Kanas barreessaan haala jireenya hawaasicha durii irra dhaabbachuun kan har’aan wal bira qabamee yoo ilaalamu qabatamaa bara ogbarruchi keessatti barra’een gidiraa uummatichi gamaa dinagdeen keessa jiru haalaan kan ibsedha.

> Achumaanis itti fufee dacheen har'a golgolooftee argitu tun dur badhaadhinaan beekamtuu turte. Loon as irraa hangas hin qabu. Erga warri siyaasa ishee Gadaa teenya keessa galfachuu eegaltee kaasee badhaadhinnis hafte. Loon nurraa dhumte." Jedhe, sagalee gaddaatin, (Toleeraa, 2014, f.85)

Yaadni hafee armaan olii keessatti mul’atus miidhama dinagdee uummatichaa kan agarsiisudha. askeessatti dhimmoota siyaasa akkaata bulchiinsi uummatichi ittiin wal bulchaa ture waliin wal qabsiisuun yeroo sanatti uummatichi bulchiinsa itti amaneen kan fedhiifi daantaa uummatichaa eegu kan feedhaafi jaalala irratti hundaa’e ta’uu isaa ittiin ibsuufi. Kanas dinagdee uummatichi har’a keessa jiruuf sababni haala siyaasaa ta’uu isaa ibsuu barbaadeeti. Kanas barreessaan uummatichi jireenya isaa ganamaatti deebi’uuf bulchiinsa sirrii fedhii uummatarrratti hundaa’e qabachuun barbaachisaa ta’uu isaatu ife. Kunis waan hawaasa keessa yeroo jiraatetti taajjabeefi haalli haawasichaa kanarraa adda miti.

## 4.4. Seenaan Asoosamicha Keessa Jiru Ummaticha Gara Inni Itti Qajeelchu

Haalli ijaara Seenaa asoosama *Imimmaan Haadhaa* jedhus hawaasa bara asoosamichi keessatti barreffame garannitti qajeelchuu ilaalchisee, sadarkaa nama dhuunfaattis ta'ee akka sabaatti qabsoo yeroo geggeessu kaayyoofi galma qabatee ka'u qaba. Waan qabatee ka'e sanaa galman ga'uuf kaayyoo isaatti cichuu barbaachisa. Kanas galma qabsoo sanaa bakkaan ga'uuf kaayyoo ganamaa kanarraa sharafuun Kan hin barbaachiifne ta'uu armaan gadiitti kan ilaalamu ta'a. Haaluma kanaan waraabbini armaan gadiis haalli Seenaa asoosamichaa hawaasa bara asoosamichi keessatti barreeffame garamitti akka qajeechu fakkeenya waliin fudhatameera.

> Barri akkasitti dabarsne nu ga'a. Furmaata argamisisuuf socho'uuf yeroo kaanu danqaan kallattii garaa garaan nu mudachuu danda' a. Carraan fi haalli keessatti sochoonee jijiirama fiduuf yallu dhiphoo ta'uu danda'as ta'a. Ta'us abjuu sodaatanii hirriba malee hin bulan' akkuma jedhamu gufuutu nu quunamaa alalatti sodaannee haala argame keessatti hojjechuu irraa teellatti deebi'uu hin qabnu (Toleeraa, 2014, f.116)

Waraabbii armaan oliirraa hubachuun kan danda'anda'amu ummatichi dararaa hedduu dabarsuufi sana keessaa ba'uuf haalli siyaasaa yeroo sanaa ulfaataa itti ta'uufi garuu uummatichi furmaata fiduu hin danda'u jedhee takkaa harka maratee kan hin teenye ta'uu agarra. Inni kunis kan inni ibsu kutannoodhaan gufuwan isaan fuuldura jiru buqqisanii gara galma isaaniitti adeemuu akka qaban hafee kana keessatti hubachuun ni danda'ama Kanaafuu hafeen armaan olii kun hawaasa bara asoosamichi keessatti barreeffme gara qabsoo amanamaafi cunqursaafi hacuuccaa saba isaa irratti kallatti adda addaan irra gahaatureefi jiru ofii isaaniin falmatanii mirga isaanii kabachisuu akka qaban niqajeelcha. Hojii kalaqaa kana keessatti sabni Oromoo siyaasa geggeessu keessatti dantaa sabaa kabajameefi biyyoofi biyya isaarratti abbaa ta'ee jiraachuu akka qabu hafeen niqajeelcha.

> Dalagaan dhaabbata kanaa: Uummati keenya gama hundaan dammaqsuu; mirgaa fi carraan uummati keenya biyyattii kana keessatti qabu essaa ka'ee essaa akka ga'u haalaan hubaachiisuu; mirga namoomaa fi demokiraasii uummata keenyaa fi kan biroo tiksuu; jireenyi hawwasummaa fi dinagdeen uummata keenyaa akka tasgabbaa'uuf sochii qorannoo irratti hunda'e gochuu dha.

Waraabbiin armaan olii kun dhaabbanni maqaa ummata Oromoon dhaabbtu mul'ata akkamii qabaachuu akka qabu karaa agarsiisa. Bara asoosamichi keessatti barreffame sabichi sadarkaa maalirra akka jiruufi yeroo sanatti uummatichi maal gochuu akka qaban hafee kana keessatti hubachuun nidanda'ama. Mirgi Oromoo yeroo sanatti sarbamaa turuufi sabichi mirga

diimookiraasiifi namoomaa isaa eeggachuufi kan saba biroollee yeroo mirga isaa deeffachuuf warraqu mirga saba biraa miidhuu akka hin qabne waraabbii armaan oliirraa hubachuun nidanda'ama. Akkasumas gama dinagdeefi Hawaasummaan dhiibbaan irra jiraachuu kan agarsiisuufi sana jala fuulduratti falmatee bahuu akka qabu qajeelcha.

> Uummatni keenya marti siyaasa geggeessu essaanuu nu hinga'u. Dhaabbata qaba yoo jennes hawwasummaa walaba ta'e ijaarree ogummaa keenyaan tajaajilla jennee yoo sochoonu kan inni madalamuu qabu fayidaa uummata keenyaaf argmisiissuun qofa ta'uu qaba. Hayyoonni keenya akkaataa oggummaa isaaniitiin gurmaa'anii, ga'ee mataa isaaniii ba'uuf yeroo socho'an, sochiin isaanii kan dhabbilee garaa garaan godhamaa jiru kan fashaleessu utuu hin taane kan daran jajjabeessu ta'uun isaas haalaan hubatamuu qaba. (Toleeraa, 2014, f.147)

Hafee kana keessatti wanti hubatamu uummanni hundi dhimma siyaasaa irratti hirmaachuu osoo hin taane warri dhimmichi ilaalu irratti hojjechuu akka qabu ibsa. Warreen baratanis Ogummaa isaaniin ummaticha deeggaruu akka qabaniifi faayidaa sabichi irraa eeggatus waan barate sanaan sabicha deeggaru akka qabu waraabbiin kun karaa agarsiisa. Hayyoonis waan saba isaanii ijaaruu irratti bobba'uu akka qabaniif namatti mul'isa. Walumaagalatti gahee hayyoota gara fulduraatti maal akkata'eefi maal gochuu akka qaban irratti niqajeelcha.

> uummati keenya bor abbaa biyyaa isaa ta'ee, uummata addunyaa hafee wajjin akkaataa itti jiraatu har'a shaakaluu qaba. Akkaataa ittin angoo dinagdee isaa to'achuu danda'u har'a shaakaluu qaba. Walii isaa wajjinii fi ormaa wajin akkaataa itti jiraaatu shaakaluu qaba. Seenaa, aadaa fi Afoola isaa akkaataa itti kuunuunfatu shaakaluu qaba. Kana hundaa kan inni shaakalu sochii karaa dhabbilee siyaasa ta'uun qofa miti. akkasiin beekumsa Dhaabbileen ogeesoota ofisaanii qaruu danda'an dhaga'amani uummata isaanii keessaa qabatanis ni barbaachisu. Kanaaf nuti har'a eegaluu qabna. (Toleeraa, 2014, f.150)

Hafeen armaan olii hawwwiifi fedhii uummatichi fuulduratti ta'uu qabu kan agarsiisudha. Innis mirgi sabichaa kabajamee akka uummata kamitti jiraachuu akka qabu kan agarsiisudha. Kana malees abbaa biyyaa ta'ee dinagdeefi siyaasaan, akkasumas aadaaf duudhaa isaa eeggatee jirachuu akka qabu karaa agarsiisa. Oromoon eenyummaa, aadaa, afaan, amantii akkasumas mirga isaaf falmachaa tureera. Aadaa, afaan, amantiifi eenyummaa isaa balleesuuf itti duulaa turan hunda fuulduratti ba'ee abbaa biyyaa ta'ee ofiin ofbulchuu akka qabu agarsiisa. Hojii kalaqaa kana keessattis siyaasni Oromoon geggeessaa jiru kan yeroo kamiyyuu caalaa kan baay' ee dabalaa deemeefi ho'aa jiru sabichi hiree isaa murteeffatee akka hawaasa kamitti jiraachuu akka qabu waraabbiin armaan olii kun niqajeelcha

> Warri yakka akkasii hojjetan adabbii isaaniif malu akka argatan gochuuf har'a waan nurraa eegamu hojjechuu qabna. Carraan nuti qabnu waa lama. Tokkooffaan seerri hin hojetu jennee qabsoo dirree galuu dha. Yookaan amnmoo seera jirutti fayyadamnee akka warrí yakka akkasii dalagan addabbií isaanii malu argaataaniif itti cichinee gamtaa dhaan socho'uudha. (Toleeraa, 2014, f. 151)

Akka waraabbii armaan oliirraa hubatamutti warreen saba Oromoo miidhaa turan gatii isaanii argachuu akka qaban asoosamni kun agarsiisa. Daba sabichaarratti raawwwataniif beenya isaan eeggatu kan ibsudha. Kana malees hireen uummatichaa karaa inni deebii argatulle kan eeredha. Innis sabichi bilisummaa isaa bira gahuuf daandii lama akka qabu agarsiisa. Kunis fincilee mirga abbaa biyyummaa isaa deeffachuu akka qabu kanas gootummaa abbootii isaanii kaleessaa sana hordofuu akka qaban kan agarsiisudha. Inni biroon immoo namoonni baratan karaa diimookiraatawwaa ta'een heeraaf seera biyyatti eeguun mirga sabichaa kabachiisuufi akka qaban hafeen armaan kun namatti agarsiisa**.**

> Waan naaf danda'ameen sochii kana bakkaan ga'uuf socho'un narraa eegama. Beekumsaan ofharkaa qabutti fayadamee akka kaayyoon obboloota koo bakka ga'uuf sochii gochuun waan amma na harka jiruu dha. Carraa fi filannoo kana irra caalu hangan argadhutti filamaati koo kana. Yoo hayyootni keenya gamtaa dhaan feedhii uummata keenyaa guutuuf ka'an waan hundumtuu salphaa akka ta'u nan amana. Yeroos hunduu bakka yaade ni ga'a. Bakka yaade gaafa inni ga'u ammoo obbolootni koo ge'ee isaaniitti deebi'u. Yoo kun ta'e ammoo haati koo boqonnaa argatti (Toleeraa, 2014, f. 152)

Waraabbiin armaan olii kun kaayyoo obboloota isaa biraa mirga uummatichaa kabajuuf qabsootti jiran kan agarsiisudha. Dantaa sabaa isaanii kabachiisuuf warra manaa bahan faana hiriiruun dirqama nama tokkoof lamaa osoo hin taanee kan sabaa hundaa yookiin ummatichi waliin hiree kabachiisuufi akka ta'e namatti mul'isa. Waraabbiin armaan olii bara asoosamichi keessatti barreffame ibsuuf dantaa sabichaa eegsisuuf hunduu gahee irraa eegamu bahachuu qaba. Yeroo tokko qabsaa'u tokko maal nagalchee jedhee dhiisuu akka hin qabne waliin hiriiruun dirqama ta'uufi sabichi kaayyoo ganamaa sana qabatee ka'e sana galmaan gahuuf waliin dhaabbachuun qabsicha galmaan gahuu akka qaban seenaan kun karaa agarsiisa

> Bor gammachuu guddaa jireenya keenya keessatti uumuu ni dandeenya. Kun kan ta'u yoo har'a haalaan dhimminee hojjenne. Hamaa fuula keenya dura jiru gaariitti jijjiiruu ni dandeenya. Kun kan ta'u har'a yoo itti qophoofne. Jireenya keenya har'a gadadoo hiyyummaa cimaa keessa jiru bor baadhaadhinaa fi gammachuutti jijiruu ni dandeenya: kun kan ta'u har'a kalattii hundaan jabaannee yoo sochoone. Barri dhufu bara bilisurmmaa, walabummaa, haqaa, tokkummaa fi dagaaginaa akka nuuf ta'u yoo barbaanne haala har'a keessa jirru hubannee, ga'ee mataa keenyaa ba'uut kutannoon ka'uu

> feesisa. "Gadaan gadaa bilisummaa ti!"jedhanii baamuun qofti eessaanuu nama hin ga'u. Fardi ni geessa malee hin lou" jedhama mitii? kanuma. (Toleeraa, 2014, f. 154)

Waraabbiin armaan olii abdii ummatichaa agarsiisa. Kunis yoo kutannoon qabsaa'e hawwwii fulduratti ilaalu bira akka gahu namatti mul'isa. Hamaa fuldura jiru gadaadoofi hiyyummaa keessa ture sana yoo qabsaa'ee fuldurri isaa ifaa akka ta'e sabichaaf daandii agarsiisa. Fuldurri uummatichaa bilisummaa walabummaa akkasumas haqa qabsa'eef sana argachuuf mirgaaf walabummaa sabichaa galmaan ga'uuf kutannoon yoo qabsa'an mul'ata isaanii bira gahuu akka danda'an waraabbiin asiin olii kun inibsa.

> Sochii uummata keenyaa kan yeroo hundaa keessatti kaayyoofi dalagaan paartilee siyaasaa fi kan dhaabbata hawwasaa addumaa adda ta'uu qaba. Inni kun ammoo har'uma shaakalamuu qaba, Yoo har'a shaakalaa hin deemne bor bakka yaadame gaafa ga'amu demookraasiis ta'u bulichiinsa gaarii dagaggisuun hin danda'amu. Jiiiirama akkasii fiduuf ka'umsa guddaa ta'uu qabnan jedha. (Toleeraa, 2014, f.191)

Waraabbiin armaan olii yeroo baay'ee biyyaa kana keessatti dalagaan paartiif kan dhaabbilee hawaasa adda bahee kan mul'atu miti. Bara dhufee darbaa dhaabbileen hawaasa bakka siyaasaa ta'ee hojjetaa waan tureef barreessaan kun akkasiin itti fufuu akka hin qabne agarsiisuufi. Gama biroon barreessichi ummanni qabsoo godhaa jiru kana yeroo galmaan gahu warri biyya bulchuuf carraa argatan dhaabbileen kun lameen adda adda ta'uufi warra darbeerraa barachuun kana sirreessuu akka qaban ibsuufi. kanas warra angoo biyya bulchuu argate karaa sirridha jedhee amane itti agarsiisuufi. Walumaa galatti sabni Oromoo fulduratti gama hundaan maal gochuu akka qabu asoosamni kun sirriitti calaqqisiiseera.

## 4.5 Dhimmoonni Seenaa Oromoon Walqabatan Asoosamicha Keessa Jiran Garagarummaa Yaadaa Uummaticha Gidduu Jiru Irratti Dhiibbaa Inni Uume

Garaagarummaan yaada maatii tokko yookiin namoota lama giduuttiyyuu kan uumamuu danda'u yoo ta'u garagarummaa kana xiqqqeessaa akkasumas, dhiphisaa yoo hindeemne maatii diiguu akka danda'u, saba tokkoo gidduuttis garagarummaan yaadaa ni uumama. Kanas, barreessitoonnifi hayyoonni kana dhiphisuun gara yaada tokkootti sabichi luucca'ee akka deemuuf shoora olaana qabu. asoosama *Immimmaan Haadhaa* keessattis, barreessaan garagarummaa yaada sabicha gidduu jiru wantoota argeefi dhagahee yeroo hawaasicha gidduu jiraatetti waan taajjabe bifa kalaqaan asoosama kana keessatti ibseera. Keessattu sirna bulchiinsa yeroo sanaan walqabatee warren sabicha akka ofii barbaadanitti saamanii dhidhitanii bulchuu barbaadan kan isaan ittiin sana milkeffachuu barbaadan keessa keessa tokko yoo sabicha

gidduutti garagarummaa yaadaa maddisiisanidha. Isaaniif yeroo garagarummaan akkasii uumamu akka barbaadanitti qoqqodatanii bituuf waan isaaniif tolufidha. Hawaasa keessaa namoonni kana dursanii hubatan immoo sabicha giddudha garagarummicha balleessuuf tooftaa adda addaatti dhimma bahuun uummata isaanii qaqqabsiisu. Barreessaan yeroo hawaicha keessa jiraatetti wantoota taajjabe sana balleessuuf bifa kalaqaan uume uummata dhaqqabsiisa. Asoosama *Imimmaan Haadhaa* keessatti akkaata itti barreessaan dhiheesse armaan gaditti qeeqameera.

> Gaa'elli isin gandaafi qomoon wal qooddanii geggesitan natti haa hafu. Kun kan nu diigu malee kan walitti nu fidu miti' (Toleeraa, 2014, f. 75)

Waraabbiin armaan olitti fudhatame garagarummaa yaadaa jiru balleessuuf akkasitti itti garagaarame.Kunis warri siyaasa biyyichaa bulchan garagarummaa gandaaf lagaan uumani sabichaa qoqqoduufi Oromoon inni tokko Oromoo iddoo biraa yookiin Oromoo godina biraa akka hinfuuneefi akka itti hin heerumne gocha jibbinsa sabicha gidduutti karaa warra daldatoota siyaasaan faca’aa ooludha.Barreessaan asoosama kanaas, gochoota akkasii balaleffachuun wanti Oromoo gandaaf lagaan qoodu jirachuu akka hinqabne walbira dhaabbatee tokkummaan diina isaa waliin qolachuu akka qabu akeeka.

Ga’eelli isin gandaaf qomoon walqooddanii gaggessitan nigaha haadhabbatu akka jedhaniif dhaloonni har’a karaa agarsiisuufi akkasumas, sabicha gidduutti qoree akkasii laga kana dhufe /dhufte jechuun kan hawaasa keessatti siyaasa isaanii gaggessuuf itti fayyadama turan dhaloonni bara asoosamichi keessatti barreeffame yookiin dhaloonni har’a qoodinsi qomoof gandaan jiraachuu akka hinqabneefi kana dura akka dhaabbatantu waraabbii kana irraa hubachuun danda’ame. Kunis dhugaa lafarra jiruun yeroo ilaalamu qoqqooddii warri siyaasaa godhan muldhisuu danda’eera.

> Nu hundi guyyaa tokko mana hidhaa seenne.Kunoo waggaa tahuuf deema. Himannaan nurratti dhi'aate fincila barattootaa isintu qindeessaa ture kan jedhuu dha. mana barumsaa tokkootti baranna. (Toleeraa, 2014, f.103)

Hafee armaan olii keessatti siyaasa keessatti shoorri barattoota olaanaa ta'uu ibsuufi akkasumas barattootaan ka'aa gurma'aa uummata keessaniif falmaa jechuun barattoota kakasuufi.Yeroo sanatti sababa oromummaa qofaaf mirgi isaanii sarbamuufi dararaan irra gahuu ibsuufi.Kana malees, Asitti dhimma tokkummaa sabichaa ergaa dabarfachuufi. Waraabbii armaan olitti

fudhatame kana keessatti kan isaan hidhamaniif sababa barattoota Oromoo ta’aniifi kan isaan waliin ta’anii saba isaaniif sagalee ta’anifis sababuma saba tokko ta’aniifi. Taateen armaan olii bara asoosamichi keessatti barreeffameen walbira qabamee yoo ilaalame barattoonni jimlaan sababa Oromoo ta’aniif malee laga kanaa dhufte ati ganda kanadha jedhamee kan hidhamaanii fi dararriin irra gahe hinturre. Kunis qoodinsi yaadaa warren sabicha gidduutti qoodinsa barbaadaniin godhan dhabbachuu akka qabuufi uummatichi kan miidhamaa ture sababa Orormoo ta’eef malee sababa lagaaf gandaa kan hintaane hubachiisa. Kunis qabatamaa bara asoosamichi keessatti barreeffame ibseera.

> Guddinaafi hiriyyoonni isaa gurduuba geengoo ijaaranii taa'anii, xaba eegalan. Muuziqaa dhageefachaa.Tokkummaa! ....tokkummaa...yaa ilmaan Oromoo tokkummaa!" weeluu Nuhoo Goobanaa.Barnoota adda addaa baratanii daandii jirreenyaaa garaa garaa irratti bobba'aniiru. Dhugaasaa, Boniyaafi Guddinaan Seera, Taliileen Saayinsii Siyaasaa (Toleeraa, 2014, f. 112)

Waraabbiin armaan olitti asoosama kana keessaa fudhatame kun tokkummaa sabichaa kan lallabudha. Sabichi saba tokko kan ittiin gargar bahu osoo hinqabaatin garagarummaa yaada gidduu gidduu jiruufi kanneen dantaa sabaarraa dantaa dhuunfaa caalchifachuun ummanni osoo dararaa keessa jiruu dhimmaa dhuunfaa isaanii dursifachuun kanneen dantaa sabaaf qabsa’aan dura dhaabbachuun qabsichi akka galma hingeenye kanneen godhaniif yaadaa isaa kan ibsatedha. Warabbii fudhatame irraa wanti hubatamu uummatichi garagarummaa yaadaafi dhimmaa dhuunfaa dhiisuun dhimmi uummataa akka durfamuufi waloon qabsaa’anii bilisummaa isaanii akka gonfatanii ergaa dabarfachuu barbaadeeti. Hallii siyaasaa bara assoosamichi keessatti barreeffame uummatichi yeroo qabsoo ciccimaa gaggaasssaa jirutti kaan immoo qabsicha dhaamsuuf kan dura dhaabbatantu heddummata.

Warren akkasii uummata isaanii faana hiriiruu akka qabaniifi.Gama seenaan gaafa ilaalamu sabni oromoo goototа hedduu osoo qabu sababuma waliin dhabbatee diina qolachuu dhabeef baroota hudduuf kanneen isa saamanii sabicha diiguu barbaadan jalatti dirqame. Kana kan hubate barreessichi tokkummaan wal cina hiriiranii bilisummaa mataa isaanii gonfachuu akka qabaniif dhaamsa isaa kan dabarfatedha. . (Yoomiyyuu2015, f.108)Uummanni Oromo osoo namni tokko hin hafiin ka'ee lolachuuqaba.Uummanni Oromoo muratee ofirraa lolachuu qaba malee faayidaa yeroof jecha garbummaatti hafuun fafa.Jechuun yaadaa Aaristii Ilfinesh irraa fudhate irraa akka armaan olii dhiheesse. Kanaafuu sabni Oromoo garagarummaa yaadaafi

dantaa dhuunfaaf jecha saba isaa gabrumaa jalatti hafuun leeyyoo ta’uufi kana jalaa ba’uuf immoo tokkomee falmachuun furmaata akka ta’e hafee asoosamicharra fudhatamerraa hubachuun nidanda’ameera.

> Hundumtuu kara karaan socho'uu mannaa tokummaan kaayyoo fi jaarmiyaa tokko jalatti hiriiree mirga isaa kabachiifachuuf yoo carraaqe hin wayyuu? (Toleeraa, 2014, f. 115)

Waraabbii armaan olitti fudhatame irraa wanti hubatamu haayyonnifi namoonni baratanis akkasumas, qabsa’oonni hundi kara ittii fakkatee kara karaa fiigurra yaada walitti fidee ijaaramee yaada tokkoon mirga sabicha kabachiisuun murteessaa ta’uu ibsa. Mirga uummaticha kabachiisuuf jarmiyaa hedduu dhaabuu osoo hintaane jaarmiyaa tokko cimaa dhaabuun hunduu yaada tokkoon achi jalatti wal hubatee falmachuu akka qabu warabbicharraa hubachuun nidanda’ama.Rakkoon uummatichi qabu rakkoo jaarmiyaa osoo hintaane rakkoo ijaaramuufi gaaddisa tokko jalatti walitti qabamuu dhabuun mirga isaa mulqame deeffachuu dadhabuu isaa ibsuufi.

Gama seenaan yeroo ilaalamu bara asoosamichi keessatti kalaqames, ta’ee haga ammatti wanti mul’atu hunduu jaarmiyaa dhaabuu malee kan dhaabbate qaawaa isaa duchuun kan dhaabbate jalatti waloomee mirga sabichaa tiksuuf carraquu manna karaa itti amane qofatu qabsicha galmaan gaha jedhanii yaaduun gaari akka hintaane hubachiisuufi. Akka waliigalatti warabbichi uummanni Oromoo jaarmiya tokko jalatti walitti qabame wal ijaaree mirga isaa kabachiifachuu akka qabuufi warri jaarmiya ijaaranis kan dhaabbate jalatti hiiriruun dantaa sabichaa eeguu akka qaban ibsa. Keessattu warra jaarmiyaa dhaabu wal hubannoon ofii yaadaan tokkoomee mirga sabichaa kabachiisuu akka qaban nama hubachiisa. Kanas durii kaasee haga ammaatti dhugaa hawaasaa keenya keessa jiruun yeroo ilaalamu dhugaa jiru kan jiru kan muldhise ta’uutu hubatama.

> Argitanii Oromoon har'a walitti dhufee abbaa biyyuummaa isaa hatattamaan mirkaneefachuu baannaan warri kalleessa fageenya irraa dhufanii Finfinnee irratti wal ijaarani, guutummatti ishee dhunfachuuf abbalan bor kaayyoo isaanii hojiiti waan hin jijiireef hin jiru.Uummati keenya har'a dogoggora darbe irraa barachuu danda'eera.Sochiin uummati keenya godhu marti faggootti akka hinsodaatamneef hayyoonni keenya hubannoo barbaachisu uumuu dhaaf kutannoo guddaa qabachuu isaanii argaa jirra. Kanaaf bara kana booda fayidaa uummata keenyaa kabachisuuf sochiin gama kamiin godhamu keessatti qaawwaan warra sochicha jibbaniif fi faggootti sodaatan tajaajilu ni dhiphata abdii jedhun qaba." (Toleeraa, 2014, f. 189fi 192)

Waraabbii armaan olitti fudhatamerraa wanti hubatamu sabni Oromoo yoo tokkome qofa kaayyoo isaa galmaan gahachu akka danda'uufi dogoggora kaleessa garagarummaa yaadaa uumerra barachuun danta isaa kabachiifachuufi dantaa dhuunfaa isaa dhiisu akka qabu kan akeekudha. Yeroo ijaramuttis bilchinaan ta'uu akka qabuufi kana gochuuf immoo shoorri hayyotaa olaana ta'uu agrsiisa.Gama biraan sochiin yeroo godhamutti ofeeggannoon warren farra sochicha ta'an qabsicha akka hin dhaamsineef Oromoo qofti wal hubannoon yaada walii hubatee kaayyicha milkeessuu akka qabu agarsiisa. Ija seenaan yeroo ilaalamu sababa tookkumma dhabinsa Oromoorraa kan ka'e Finfinnee saamamuufi mirgi uummatichi magaala Finfinnee irratti qabullee dogogggora waliin wal ijaaruu dhabuu isaa ibsuufi. Akkasumas, kan hintokkoomne yoo ta'e samamni qabeenyaafi dhiibamni mirgaa kan itti fufu ta'uu waraabbii oliitti fudhatame irraa hubachuun danda'ameera. Kunis dhugaa lafarraa jiruun adda miti.

Gama biraan hafichi kan agarsiisu uummatichi akka kaleessaa akka hintaaneefi bara asoosamichi keessatti barreeffame wal hubannaan uummatichi dabalee akka jirufi warri sabicha gabroomsuu yaaduuf illee waaan akeekkachiisedha kunis, ummanni keenya akka kaleessaa akka hintaaneefi akka kaleessatti bitu kan hin dandeenye ta'uu warra diinaa qabsichaaf waan ergaa dabarsedha.Kannafuu akka waligalatti barruu fudhatame irraa waan lama hubachuun akka danda'amedha. Kunis, Saba Oromoof tukkummaan qabsaa'ee mirga isaa sarbame kabachiifachuu akka qabuufi kan farra qabsoo sabichaa ta'aniif immoo uummatichi iddoo kaleessa akka hinjirreefi sabichi gama hundaan kan jijjirame ta'uu warra gufuu qabsichaa ta'anitti ibsuu danda'eera. Kanaafuu asoosamni kunis haala qabatamaa saba kana keessa ture agarsiisuuf yaaleera.

> Hubadhaa! Falli rakkoo keenyaa waan tokko.Innis Tokkummaa dha. Eyyee Falli isaa Tokkummaa dha! Rukuttaan onnee uummata keenyaa ammoo eessa akka jirus hin dagatinaa (Toleeraa, 2014, f.)

Waraabbiin armaan oliis asoosamicha keessaa kan fudhatame yoo ta'u kunis dhimmaa garagarummaa yaadaa sabicha giddu jiru balleessuuf kan akkasitti itti fayyadame yoo ta'u akka yaada armaan dura ibsame kunis rakkoon sabichaa qabsa'ota dhabuu yookis namoota isaa falman dhabu osoo hintaane garagarummaa yaadaa uumameen sabichi gabrummaa jalatti bulusaati. Sabichi gootummaa diina lolee walabummaa biyyaa isaa eeggachu danda'uufi ofirra darbee kaaniif ta'uu akka danda'udha.Yoomiyyuu, 2015, f.108) 'Duratti Oromoon yeroo Gadaan bulaa turetti kan isaa lolachuu miti yoo fedhe kan barbaade humnaan deebisuuf gahumsas niqaba

ture.dhaloonni hara'aa garuu kanuma abbootiin keenya tursanii nuuf dabarsan tursiisuun dadhabamee yeroo ormi manatti dhufee irraa ariyatu taa'ee ilaala' kunis aartisti Ilfinash irraa ka'uun yoomiyyuun yeroo ibsudha.Sabni Oromoo rakkoon isaa tokkumaa dhabuu malee namoota isa falman dhabuu akka hin taanedha. Falmii sabichi godhu faffaca'aa kan ta'eefi kun immoo warra gufuu qabsichaaf galtee akka ta'ettidha. Sana jalaa ba'uuf dhaloonni har'aa seenaa abboota darbanii irra barachuun tokkummaan mirga sabicha kabachiisu akka qabuufi falli biraan kan hinjirre ta'uu waraabbii fudhatame irraa barachuun hubataamera. Hojii ogbarruu kana keessattis kanumatu mul'ate.

> Rakkoo biyya keessatti numudachaa jiruuf furmaata kan tolchuu dandeenyu ijaaramnee, tokkummaan yoo sochoone qofa. Falli isaa kanuma.Kana ammo har'a Oromoon dammaqe sirriitti hubateera. (Toleeraa, 2014, f.260)

Waraabbii olii irraas wanti hubatamu sabichi garaagarummaa yaadaa jiru dhiphisuun gara tokkummaatti akka dhufaniif kan akeekudha. Kunis qabatamaa lafarra jiruun garagarummaan kan sabicha diigu waan ta'eef wal hubannaan waliin tokkomee gaaddisa tokko jalatti waliin hiriiru akka qabutu ibsame. Ogbarruchis kanuma kan calaqqisisedha.Akka walii galaatti, yeroo hojiin ogbarruu kun gama hawaas dinagdee, gama gootummaan, falaasamaan aadaaf, duudhaan akkasums, gama tokkummaa sabichaa ilaalchisee akkaataan itti barreeffame qabatamaa uummaticha keessa jiru kan ibsuufi gama maran sabichi gama dinagees, ta'ee gama maraan wal hubannaan tokkomee hiree ofiifi dantaa sabaa isaa osoo hin sharafin seenaa sabichi kaleessa seenaan qabu itti fufsiisu akka qabaniif kallatti nikaa'a. kanaafuu akkaataan ogbarruchi itti kalaqamee ija seenaan yeroo ilaalamu dhugaa jiru kan ibsedha.

## BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaa kana jalatti dhimmootni gurguddoonakka waliigalaatti dhiyaatan cuunfaa, cimina asoosamaa, hanqina asoosamichaa, argannoofi yabootu duraa duubaan dhiyaate.

### 5.1. Cuunfaa

Ogbarruun hojii kalaqaa ilma namaa ta'ee, aadaa, seenaa, duudhaa, siyaasa, dinagdee, amantaa, hawaasummaa, falaasamafi haala jiruuf iireenya hawaasa tokkoo kan ittiin calaqqisiifamudha.Walumaa galatti ogbarruun ogummaa kan ofkeessaa qabu ta'ee, waanuma hawaasa keessatti guyyaa guyyaadhaan raawwatamu, siyaasa, diinagdee, ilaalcha, fedhi, hawwi, falaasamafi kkf filannoo jechootaatti gargaaramuun bifa miidhagina qabuun, sammuu dubbistootaa keessatti bifa fakkii uumuu danda'uun kan kalaqamudha.

Qorannoon kunis gooroowwan ogbarruu keessaa asoosama irratti kan xiyyeeffatedha. Asoosamni hojii kalaqa sammuu namaatin uumamee dubbisaaf dhiyaatudha. Asoosaan tokko dhugaa jirurratti hundaa'ee amala, sansaka, hubannoofi kan kana fakkaatan hawaasa keessatti waan taajjabe sanatti namfakkii uumee ergaasaa dubbistootaaf kan dabarsudha. Xiyyeeffannoon qeeqa ogbarruus, kalaqa barreessaan kalaqe tokko dubbistoota yookiin dhaggeeffattoota isaa biratti maal akka fakkaatu qeequdha. Akkasumas kalaqni sun gammachiisaa taassisuun dubbistooti barruu sana akka dinqisiifataniif ni jajjabeessa. Kitaaba ogbarruu filatame tokko keessattis wantoota dubbisaan diqisifaatee itti gammade sana gadi fageenyaan qeequun ergaan barreessichaa maal akka ta'efi maal ta'uu akka qabullee qeeqni ogbarruu kallatti ni kaa'a.

Kaayyoon qorannoo kanaas, qeeqa asoosama dheeraa"*Imimmaan Haadhaa''* jedhu ija yaadxina seenawaan xiinxaludha. Xiyyeeffannoon yaadxina kanaas, haala seenaa fi hawaasummaa yeroo sanaa dabalatee bara asoosamichi keessatti barreeffamefi Seenaan uummatichaa maal akka fakkaata ture bira kan gahudha. Gama biraatiin, yaaxxinni seenawaa jiruufi jireenya hawaasaa giddugaleeffachuun siyaasa diinagdee, aadaa, seenaa, duudhaa, afaan, amantii, hawaasummaa, qaroomina, falaasamaafi ilaalcha hawaasa tokkoo keessa jiru gama seenaan maal akka fakkaatu ifatti baasee kan mul'isudha. Yaadxinni kun Seenaa hawaasichaa giddu galeessaa godhachuun qorata. Kana malees, seenaan uummatichaa maalirra akka tureefi gara fuulduruutti maal ta'uu akka qabullee yaadxinni kun niqajeelcha.

Asoosama *"Imimmaan Haadhaa"*jedhu keessaatti dhimmoonni dhiyaatan rakkoowwan haala jireenya uummata Oromoorra bara kitaabichi barreeffame keessa irra ga'aa ture bifa Seenaan

mul'isuu danda'eera.Haalli asoosamichi itti barreeffame hawaasa bara asoosamichi keessatti barreeffame garamitti akka qajeelchu haalaan ifee jira.Haaluma kanaan lammiileen Oromoo dhiibbaaf miidhaa gama siyaasaatiin sirniichaan irra gahaa turefi diddaa uummatichi sirnicharraa qabu bifa seenaa namni qabachuu danda'uun kalaqeera.Kana malees, sirnichi ummata Oromoo irraan dararaa gita hinqabne kan gahaa ture ta'uu asoosamicha keessatti calaqqiseera. Gama biraatiin haalli jiruufi Jireenya ummataichaa haala ulfaataa keessa turuu isaafi sirnichi gaaffıı ummata deebisuurra ukkamsee, sodachiisee, hidhaafi ajjeechaan uummaticha dararaa umurii aangoo isaa dheereffachuuf yaaduu uummatichi tole jedhee harka kan hin laanne ta'uu isaa sirriitti calaqqisiiseera.

## 5.4. Arganno

Kaayyoon qorannoo kanaa Qeeqa asoosama dheeraa *Imimmaan Haadhaa* Ija yaadxina seenawaan kan jedhu yoo ta'u, qorattuunis, odeeffannoowwan asoosamicha keessaa funaanuun kallattii adda addaatiin qeeqxe irratti hunda’uun argannoowwan kanaa gadii argachuu dandesseetti.

- Haaluma kanaan, Asoosama “*Imimmaan Haadhaa"* jedhu kana keessaatti dhimmoonni dhiyaatan rakkoowwan haala jiruufi jireenya uummata Oromoorra bara kitaabichi barreeffame keessa bifa seenawaan uummaticharra gahaa ture sirriitti ibseera.

- Asoosama kanaa keessatti rakkoowwa gama siyaasaan, dinagdeen, aadaafi duudhaan ummata Oromoorra gahaa tureera. Haaluma kanaan ummata Oromoorra miidhaafi dararri garagaraa irra gahaa tureera. Kunis qabatamaa bara asoosamichi keessatti barreeffameen walbira qabamee yoo ilaalamu dhugaa hawaasa keessa jiru ibsuu danda’eera.
- Oromoon lafaaf qaabenyasaarratti ajjeefameera, sobaan yakkameera. Sarbamni mirga namummaa irra gaha tureera. darbee darbee sababa Oromummaa isaatiin qofa biyyarraas, ari’atameera.
- Lafaafi qabeenya isaa dhabuun immoo, aadaa, afaaniifi duudhaa isaa ganamaa dhabuun kan ormaa jalatti akka bulu ta’eera.

- Rakkoofi gidiraan kun hundi itti hammaatus Oromoon harka isaa maratee hin teenye.Qabsoo hadhaawaa gochuun ilmaan isaa qaalii bara baraan itti gabbaraa tureera. Kunis bifa seenawaan asoosamicha keessatti sirriitti kan mul'atedha.
- Asoosamicha keessatti akkaataan dhiyaannaa dhimmoota aadaa, falaasamaa, dinageefi siyaasaa ilaalchisee dhimmootni aadaafi amantii muraasa yoo ta'an dhimmootni siyaasaafi dinagdee waliin walqabatan asoosamicha keessatti baayinaan dhiyaachuurra darbee, olaantummaa siyaasaafi dinagdeen harka saba sirnicha olaantummaan geggeessaa ture akka ture qorannoon kun agarsiiseera.

- Asoosama *Imimmaan Haadhaa* keessatti dhimmootni seenaa Oromoon wal qabatan ummaticha garamitti akka qajeelchuu yoo ilaallu, barreessaan yeroo barreessutti waan keesso isaa rakkiseefi mudannoowwaan saba isaa kanaaf deebii nita'a jedhee waan yaade bifa kalaqaan dubbisa biraan gaha.
- Asoosama kana keessattis uummatichi kaayyoo qabsoo qabatee ka'eef duubatti akka hin jenneefi uummatichi tokkummaadhaan Seenaa abboota isaanii darbaan irraa dhaalee eenyuufuu jilbeenfachuu akka hinqabneefi gootummaa kaleessaa barnoota ammayyaan deeggaranii dhaloonni ammaa galmaan akka geessisaniif daandii agarsiisa.
- kana malees sabichi bilisummaa isaa gonfaachuuf tokkummaan akka isaan barbachisu qabeenyaafi bilisummaa mataa isaanii deeffachuun kan danda'anda'amu qaama birarra akka hin taane ofii isaaniif barnootaan deeggaramuun wal gurmessaanii fincilanii bilisummaa isaanii akka gonfataniif niqajelcha.
- Kanaafuu asoosamni kun hawaasa bara asoosamichi keessatti barreeffime hacuccaafi cunquraasaarraa gara qabsoo amanamaatti fiduun falmatee mirga isaa kabachiifachuu akka qabuuf karaa ni agarsiisa.
- Hawaasni haqa isaa dhabe hanga haqni isaa dhokate ifa ba'utti, ajjechaan saba isaarratti qe'ee isaarratti sarbamni mirga namoomaaf diimookiraasii dabalatee akkasumas qabeenya isaa samamuuf yoo kaayyoo tokkoon gaaddisa tokko jalatti tokkummaan gurmaa'ee ofirraa qolachuufi birmadummaa isaa deeffachuu akka danda'u asoosamichi niqajeelcha.
- Dhaabbileen siyaasaa uummatichaaf dhaabbatan illee bakka garaagaraafi iddoo adda aaddaatti wal fo'anii sabichaaf qabsoofna jedhan walitti dhufuun ummatichaas itichuu akka qaban bo'oo tokkorra akka socho'aniif karaa nikaa'a.

- Akkasumas dhabonni siyaasa yeroo injifannoo barbadamu kun dhufus maal gochuu akka qaban asoosamichi niqajeelcha.
- Kanaaf Oromoon qe'ee isaarratti gabroomuu akka hin qabne, afaan isaas tuffatamuu akka hin qabne, goota mataa isaa dhiisee kan ormaa faarsuu akka hin qabnefi aadaafi dhuudhaa isaa kunuunsuufi jaallachuu akka qabu hawaasa qajeelcha.
- Hojiin kalaqaa kun Oromoon kallattii hundaan kan eenyummaa, aadaa, amantiifi duudhaa isaa balleessuufi boorreesuuf kanneen dhufan mataa gadi qabatee jalaa goruu dhiisuun gaaddisa tokko jalatti gurmaa'ee tokkummaan ofirraa qolachuufi birmadummaa isaa kabachiifachuurra darbee qe'eefi qabeenya isaarraa isa buqqisuuf diina itti dhufu hundaaf osoo gadi hin jedhiin tokkuummaan wal dhagahuun waliif birmatee Oromoofi Oromiyaa baraaruu akka qabu hawaasichaatti daandii agarsiisa.
- Kana malees barreessaan dhiibbaan uummaticharra gaha ture qoodamee kan hintaaneefi kanaaf immoo sabichi garagarummaa yaadaa diinni gidduu isaaniitti facaase sana irraa barachuun diina waloo kan waliin qaban ta’uu ibsuufi.
- Kana kan godhanifis  warri yerositti biyya bulchan dantaa dhuunfaa isaaniif jecha saba tokko gidduutti garagarummaa yaadaa akka uumaa turan kan mul’isedha.
- Kunis, akka waliin ta’ee hinfalmanneef qoqqoodee bulchuuf shira kanatti dhimmaa bahu isaanii ifa kan baasedha.
- Kanumarraa ka’uun sabichi tokkummaan warreen isa hidhan, dararan, ajjeesan, akkasumas, saaman dura waliin dhaabbachuu akka qaban yaadi asoosamicha keessa jiru ni akeeka.

Walumaagalatti asoosamni kun ija yaadxina seenawaan yeroo ilaalamu Seenaa abboota isaanii ganamaa gama hundaan dhaloonni kun  deeffachuun aadaaf duudhaa isaanii eeggachuun aadaa horma dhiisanii kan isaanitti buluu akka qaban, akkasumas falaasamaa uummatichi ittiin wal bulchaa ture hordofuu akka qabaniifi gamaa siyaas dinagdeen sabichi wal ijaaruun roorroo halagarraa itti dhufu gootummaa kaleessa abboonni isaa dabarsan seenaa isaanii yaadachuun gama  maraan wal utubee  gaaddisa tokko jalatti walitti dhufuun dinoota karaa kamiinuu itti dhufu waliin ta'uun qolachuun birmadummaa isaa tikfachuu akka qabu asoosamichi niqajeelcha

### 5.5. Kallattii Gara Fuulduraa

Qorattuun kaayyoo qorannoo ishee qabattee kaate galma geessiisuun rakkoowwan mul'atan adda baastee keessee jirti. Haaluma kanaan, argannoo argatte irraa ka'uun furmaata kanneen ta'uu danda'an akka armaan gadii kanatti dhiyaatee jira.

- ✓ Asoosamoonni kun kallattii qeeqa biraattiinis qorannoon irratti gaggeeffamuu kan danda'udha. Qorattoonni biroos, kallattii kanaan yoo qorannoo isaanii asoosama kana irratti gaggeessan bu' a qabeessa ta'u jedhamee yaadama.
- ✓ Hojiin ogbarruu tokko haala hawaasaa yeroofi bakka murtaa'aa ture tokko kan dhiheessudha.
- ✓ Yeroo itti hojiin ogbarruu tokko dubbistootaaf dhihaatus, kan haala dubbistoota yeroo sana jiranii giddu galeeffate ta'uu qaba. Ta'uu baannaan, kaka'umsi inni dubbistoota biratti uumu gadi aanaa ta'uu danda'a.

## Wabiilee


Abrams M.H. (1957). A Glossary of Literary Terms. Cornell University:*arousal*. North Carolina State University.

Asafaa Tafarraa Dibaabaa. (2009). *Eela: Seenaa Oguma Oromoo*. Far-East Trading plc.

Bae, B. C & Young, R. M. (2009). *A computational model of narrative generation for surprise*

Belsey, C. (2004). *Culture and the real: theorizing cultural criticism*. Routledge.

Berhanu Mattewos (2009). *Fundamentals of Literature*. (2nd ed.) AAU: Alpha Printer Plc.

Burke, P. (1998). Two crises of historical consciousness. *Storia della storiografia*, *33*, 3-16.

California Press.

Collins, T. E. (2011). *Improved methods for pattern discovery in music, with applications in*

Dastaa Dassaaleny. (2013). *Dimimmisa, Asoosama Biroo Waliin: Nech* Sar prenting: Finfinnee

Dirribaachoo Bashaa. (2014). *Qeeqa Seenawaa Asoosama Dheeraa Shira*Qorannoo Digrii lammaffaa guuttachuuf Yunivarsiitii Jimmaaf dhiyaate, kan hin maxxanffamiin.Dissertation, University of South Africa).

Ellis, J. (1974). *The Theory of Literary Criticism, A logical Analysis.*USA: University of California Press Ltd.

Elmer E. (1933) *Art and Artifice in Shakespear*: Cambridge: Cambridge Universty Press

*English in the Two-Year College*, *28*(2), 186-191.

Filex, E, (2017). *Literaturary Theory and Practical Criticism*, National Open Universityof Nigeria.

Fowler, M, (1965). *Language composition and literature*, McGraw Hillinc: United State of America.

Gadaa Melbaa. (1998). *Oromia.* Sudan: Khartoum.

Griffith. (2011*). Writing Essays about Literature*. Wads Worth: Cen gage Learning

*History*, *40*(4), 843-865.

Iwuchukwu, O. F., & Nagar, S. (2008). Resveratrol (trans-resveratrol, 3, 5, 4′-trihydroxy-trans-

tilbene) glucuronidation exhibits atypical enzyme kinetics in various protein sources.

Drug metabolism and disposition, 36(2), 322-330.

Indaalee Taarikuu .(2012). *Qeeqa Seenawaa Arraa Gurbaa* Digirii lammaffaa guuttachuuf Yunivarsiitii Wallagaaf dhiyaate, kan hin maxxanfamiin.

Isheetuu Irranaa. (2009). *Ye Oromo Tarik*. Finfinnee: Nigdi Matemiya Bet.

Izevbaye, D. S. (1981). Naming and the character of African fiction. *Research in African*

Jones, M. F. (2000). Bringing New Historicism into the American literature survey. *Teaching*

Klages M. (2006). Literary Theory: A guide For the Perplexed. Great Britain: Cromu well Ltd.

*Literatures*, *12*(2), 162-184.

Mafela, M. J. (1988). *The Narrative Techniques in Some Novels of TN Maumela* (Doctoral

Mario J, V. (2010). Literature and the Philosophy of Paul Ricœur. *Comparative Critical*

Meyer, M. (2005). *The Bedford Introduction to Literature*. University of Connectiut. 7th.edition.

Misgaanuu Gulummaa (2012). *Yandoo: Ogummaa fi Og_walaloo* Oromoo. Finfinnee

Morson, G. S. (2009). Return to Process: The Unfolding of The Idiot. *New Literary*

Muhammad Sayid. (2007). *Seenaafi Qabsoo Oromootaa*. Maxxansa 3[ffaa] Finfinnee.Press.

Rabbirraa Tafarraa. (2011). Gadaa: Caasluga Afaan Oromoo kutaa 9 fi 10. Finfinnee, Itoophiyaa.

Routman, Regie. "Writing essentials: Raising expectations and results while simplifying teaching." *Education Review* (2005).

Shallamaa Kabbee. (2013). *Seenaa Gootota Oromoofi Kaan*. Maxxansa 5ff[aa] Finfinnee.

Smith, J. R. (1997). *Writing tricksters: Mythic gambols in American ethnic literature*. Univ of

Soulen, R. N., & Soulen, R. K. (2011). *Handbook of biblical criticism*. Westminster John Knox

*Studies*, *7*(2-3), 203-210.

Toleeraa Fiqiruu. (2014). *Imimmaan Haadhaa*. Maxxansa 3ffaa. Finfinnee.


Tyson, L. (2006). *Critical Theory Today*. New York Londan. 2nd.edition.


Waaqumaa Bokkee. (2011/2019). Xiinxala Asoosama Imaanaa Imilatuufi Imimmaan Haadhaa

Ija yaadxina feeminizimiin. Yuunivarsiitii Finfinnee kan hin maxxamfamne.

Zamanuu Caalaa. (2012), *Xiinxala asoosama Suuraa Abdii Ija Yaadxina Seenawaatiin*Qorannoo Digrii lammaffaa guuttachuuf Yunivarsiitii Amboof dhiyaate, kan hin maxxanffamiin.

# Dabalee A






Fakkii Asoosama Imimmaan Haadhaa

# Dabalee B (Cheekilistii)

**1.** Asoosama Imimmaan jedhuu keessa dhimoonnii siyaasa, falaasama, gootummaa, dinagdeefi hawaasummaa ibsaan jiruu ?

**2.** Dhimmoonni bifaa seenaan asoosamicha keessatti calaqqisifaman ummatichatti kallatti akkamii agarsiisa?

**3.** Haalli seenaan asoosamicha itti kalaqame seenaa uummatichi keessa darbeefi keessa jiru calaqqisisuu danda'eeraa?

**4.** Akkaataan asoosamichi itti kalaqame garagarummaa yaadaa sabicha giddu jiruu irratti dhiibbaa uumeeraa?